# MALLEEN DUBBII WALALOO SIRBOOTA JAAMBOO JOOTEE FILATAMAN KEESSATTI

QPHEESSAAN: TAFARRAA GADAA

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAAFFAA BARNOOTAA AFAANFI OGBARRUU OROMOO GAMISAAN GUUTUUF QOPHAA'EE YUNIVARSIITII ADDIS ABABAATIIF KAN DHIHAATU**

**YUNIVERSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANIIFI JOORNAALIZMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLORII**

AMJJII, 2014/2021

FINFINNEE

# MALLEEN DUBBII WALALOO SIRBOOTA JAAMBOO JOOTEE FILATAMAN KEESSATTI.

QPHEESSAAN: TAFARRAA GADAA

GORSAAN: ADDUNYAA BARKEESSAA (PHD)

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAAFFAA BARNOOTAA AFAANFI OGBARRUU OROMOO GAMISAAN GUUTUUF QOPHAA'EE UNIVARSIITII ADDIS ABABAATIIF KAN DHIHAATU**

AMAJJII, 2014/2021

FINFINNEE

## YUNIVARSITII FINFINNEE

### Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraan Booddee

Waraqaan qoranno ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Barnoota Afaaniif Ogbarru Ooromoo Gamisaan guuttachuuf Qophaa'ee Yunivarsiitii Addis Ababaatiif kan Dhiyaatu Tafarraa Gadaatiin mata-duree "Malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee filataman kessatti." ulaagaa Yunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Koree mirkaneessituu

Qoraa Alaa ______________________ Mallattoo __________________Guyyaa ___________

Qoraa Keessaa ________________ Mallattoo _______________Guyyaa ____________

Gorsaa ______________________ Mallattoo____________ Guyyaa___________

## Mirkanneeffanna

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura Yunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta’uu isaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa’uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: ________________________________________

Mallattoo ______________________________________

Guyyaa ________________________________________

## Axereraa

*Kaayyoon qoa'annoo kanaa fayyadamaa afaanii Malleen dubbii walaloo sirba Jaamboo Jootee filataman keessatti argaman xiinxaaluudha.Sirboonni qorannoo kanaaf filataman matadureen isaaniis: Gooba Kormaa (2013), Gidiraa (2016), Raada Gaarree (2017) fi Belba (2018) kan jedhaman yoo ta'an, sirboonni kunneen akkuma duraa duubummaa bara irratti hundaa'uun, qo'annoo kanaaf oolanii jiru. Itti fayyadama afaanii keessatti weellisaan kun walaloo sirba kana keessatti akkamitti malleen dubbiitti fayyadamee uummata isaa dhaamsa dabarsuu barbaade tokko ittiin akka dabarfate sirboota filataman kanneen keessatti agarsiisuu danda'ee jira.Malli qorannoo kanaa mala akkamtaa yommuu ta'u mala akkamtaa keessaa iddattoo akkaayyootti dhima bahamee jira. Kunisi qabiyyeen walaloo sirbaa xiinxaluu waan ta'eef ergaan akkamitti darbuu akka danda,e gadifageenyaan xiinxaluu yaanni isaa hubatameera. Sirboota kanneennis mala miti carraatiin kan filatamaniidha. Ragaaleen qorannoo kanaa sakkatta'a dokumantii gaggeeffamuun malleen dubbii walaloon sirboota Jaamboo Jootee filatama keessatti argaman xiinxalamuun ibsi itti laatamee jira. Argannoo qorannoo kanas siyaas diinaagdee oromoo maal irraa akka jiru garam immoo deemaa akka jiru maal immoo ta'uu akka qabu, gama guddina diinagdee hawaasaa yeroo kana keessatti maal keessa akka jiru addeessee jira. Rakkoo hawaasaa kana irra gahaa jiru addeessuu qofa osoo hintaane mala furmaataa waliin malleen dubbii qolaa kanatti fayyadamuun ittiin ibsatte jira. Fedhii ofiin ofbulchuu barbaaduu hawaasaa, qabeenya qabanitti mirga itti fayadamuu dhabuu jiraachuu kun uummanni immoo waan kana tole jedhee fudhachuu diduun sagalee isaa dhageessisaa jiraachuu eeree jira. Roorroo hammataa dhufe kana hawaasa qofa osoo hintaane namoonni dhimmi kun ilaallatu hundi irratti hojjachuun rakkoo uummata irratti cimaa jiru kana callisee akka hin ilaalle dhamsa isaa walaloo sirbaa malleen dubbii kanaatti fayyadamee ibsee jira. Yaboon qorannoo kanaa immoo, namoonni dandeettii sirbaa qabdaan dandeettii isaanii kanatti fayyadamuun hawaasa isaanii sababaa garaa laafuutiin, nama amanuun, akkasumas, tokkummaa dhabuufi kkf. rakkoo irraa gahaa jiru kana irraa baraaruuf jecha dandeettii keessan kanatti fayyadamuun malleen dubbii adda addaatti gargaaramuun karaa bashannansiisaafi irraaffatamuu hindandeenyeen hawaasa keessan osoo barsiistanii gaarii ta'uu isaa ibsee jira.*

# Galata

Qorannoon kun akka galma gahuuf jalqabaa irraa  kaasuun hanga dhumaatti nuffiifi dadhabbii tokko malee gorsaafi deeggarsa barbaachisaa mara naaf taasisuun, karaa natti agarsiisuun sirreeffama naa laachuun tumsa naa gochaa turan  gorsaa koo Aduunyaa Barkeessaa (phD) galanni guddaan isaan haa gahu. Gama biraatiin immoo, wayitaan qorannoo kana gaggeessuu maattiin koo hunduu deeggarsa humnii fi beekumsi isaanii dandeesiseen na cinaa dhabbaachaa turtan maraafuu ulfina guddaan isiiniif qaba. Keessattuu haadha manaa koo barsiistuu Loomii Xaafaa guddaan galateeffadha. Walumaagalatti namoonni ani maqaa hin dhoofne karaa adda addaatiin qorannoo kana gaggeessuu keessatti na cinaa taatanii yaadaafi meeshaalee barreeffamaa naa laachuun akkasumas, na baay'isiisuun na deeggartan martuu galata guddaa argadhaa.

# Jibsoo

- Ceephoo- dalagaa irratti  qisaasina  uumame waaliif kaasuu.
- OBN-Ormia Biroadcasting network
- Finiinsuu-kakaasuu hamilee godhachiisuu.
- Fuulleffatu-Xiyyeeffatu.
- Gidiraa-Daba yookiin waan naamaaf hinmallee namarratti raawwaachuu

**BAFATA**


Axereraa ........ i

Galata ........ ii

Jibsoo ........ iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1 Ariirata Qorannichaa ........ 1

1.2 Ka’umsa Qorannichaa ........ 5

1.3 Kaayyoowwan Qorrannichaa ........ 6

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 6

1.5 Daangaa Qorannichaa ........ 7

1.6 Hanqina Qorannichaa ........ 7

1.7 Qindoomina Qorannichaa ........ 7

BOQONNAA LAMA: SAKKATTA’A BARRUU ........ 8

2.1 Maalummaa Malleen Dubii........ 9

2.2 Faayiidaa Malleen Dubbii ........ 11

2.3 Gosoota Malleen Dubbii ........ 12

2.3.1 Nameessaa ........ 12

2.3.2 Akkasaa. ........ 13

2.3.3 Iddeessaa/Bakka buusa ........ 13

2.3.4 Eemitii ........ 14

2.3.5 Habalaka ........ 15

2.3.6 Arbeessaa ........ 15

2.3.7 Mallattoo ........ 16

2.3.8 Irra deddeebii ........ 17

2.3.9 Tuqsee ........ 17

2.3.10 Atee/Jedhii yaadi ........ 18

2.4 Sirba ........ 19

2.4.1 Maalummaa Sirbaa ........ 19

2.4.2 Akaakuu Sirbaa ........ 20

2.4.3.Barbaachisummaa Sirbaa ........ 23

2.5Fayyadama Afaanii ........................................................................................................ 24
2.5.1 Maalummaa Fayyadama Afaanii ................................................................................ 24
2.5. 2 Aakaakuu Fayyadama Afaanii ................................................................................. 24
2.5.3 Haallan Fayyadama Afaanii . ................................................................................ 25
2.5.4 Barbaachisummaa Fayyadama Afaanii ...................................................................... 25
2.6 Fayyadama Afaanii Sirba Keessatti ............................................................................ 25
2.6.1 Fayyadama Afaanii Sirba Jalaala Keessatti ............................................................... 25
2.6.2 Fayyadama Afaanii Sirba Qabsoo Keessatti ............................................................. 26
2.7 Barruu Walfakkii .......................................................................................................... 26
2.8 Yaaxxina Qorannichaa ................................................................................................. 27
BOQONAA SADI: SAXAXAA FI XIINMALA QORANNICHAA .......................................... 29
3.1 Seensa ........................................................................................................................... 29
3.2 Saxaxaa Qarannichaa .................................................................................................... 29
3.3 Xiinmala Qorannichaa ................................................................................................... 30
3.3.1 Irraawwatama .............................................................................................................. 31
3.3.2 Iddatteessuu ................................................................................................................. 31
3.3.3 Meeshaalee Funaansa Ragaalee ................................................................................. 33
3.3.4 Mala Qacceessa Ragaalee ........................................................................................... 34
BOQONNAA AFUR:DHIYEESSAAFI XINXAALA RAGAALEE ......................................... 35
4.1 Seensa ........................................................................................................................... 35
4.2 Malleen Dubbii Walaloo Sirboota keessati .................................................................... 35
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ................................................. 49
5.1 Cuunfaa. ....................................................................................................................... 49
5.2 Argannoo ...................................................................................................................... 51
5.3 Yaboo ........................................................................................................................... 52
WABILEE ......................................................................................................................... 53
DABALEE ......................................................................................................................... 55

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Ariirata qorannichaa

Walii galtee namootaatiif fayyadamni afaanii bu'aa bahii jireenyaa keessatti qunnama isaa guyyu guyyuutti isa muudatu ittiin ibsachuuf Afoolli isa murteessaadha.Qabeenyi guddaan bu'aa bahii keessatti ilmi namaa horatee keessa tokko Afoola. Kana ilaalchisee, Warquu Dachaasaa (2005:114)*"Dhalli namaa jireenya isaa gaggeessuuf qabsoo godhe keessatti qabeenyaafi ogummaa hedduu horateera. Qabeenyaafi ogummaa horatee keessa immoo afoolli isa tokko "*jedha. Oggumaa bu'aa bahii adda addaa keessatti horate kanatti fayyadamee waan isa qunnamu hunda ittiin ibsata jechuudha. Qunnamni kun immoo akkaatan ittiin ibsamu haala adda addaa of keessa kan qabuudha. Kunis sochii qaama dabalatee dubbii afaaniitiin barreeffamaatti fayyadamuun karaa namaa galuu danda'uun erga dabarsuu barbaadan tokko waliif dabarsun dhimma bahu .Kunis karaa adda addaatiin haala keessa jiru sana qaamoolee miira namaatti gargaaramuun yaada qaban sana ittiin waliif dabarsu. Qaamoolee miira namaa keessa tokka afaani. Yoo afaaniin waaliif dabarsan kanas, karaa namaa galuu danda'uun haala keessa jiran waan itti dhagahamuuf jiruu fi jireenya isaanii keessatti hawwii, abdii, fedhii, ilaalcha, jibba, jalalaa,dhiibbaa siyaasa garaagaraa irra gahaa jirus, ta'e irra gahuuf jedhu fulduratti tilmaamuun akka irra hin geenye ofirra ittiin falmachuuf jecha dhimma itti bahun yaada isaa karaa afaan isaa kanaan ibsata jechuu dandeenya.

Yaaduma kana irra caalatti ifa taasiisuuf Asteeriif kan biroo (1995:39) *"Namni waan darbe,waan jiruufi waan dhufuu jiru caalmaatti Afaan isaatiin ibsata.''Dabalataanis,gaddaafi gammachuu,komiifi galata,akasumas,jajuufi qeeqa ykn ceephoofi wkf Afaan saa bifaa adda addaatiin ibsata."* Jedha. Akka asirraa hubannutti ilmi namaa afaan isaatiin rakkoo isa qunnamu haa ta'u gammachuu argatus akkuma dhufaatii isaatti mijeeseefi qindeessee haala miira kakaasuu danda'uun ittiin ibsachuu akka danda'u nutti agarsiisa. Karaan ittiin agarsiisan inni guddaan Afoola isaatti. Warquu Dachaasaa (2005:114)*"Akka ogeeyyiin Afoolaa jedhaniitti afoolli muuxannoo jireenyaati. Akkuma ogbarruu barreeffamaa yaada ,falaasama, aadaafi duudhaa ilma namaa ifa baasa. Akkasumas, gammachuufi gadda, jaalalaafi jibba, amantaafi shakkii, jabinaafi dadhabbina, fedhiifi hawwii hawaasa tokkoo ifa baasuuf afoolli gaheee olaanaa ni qaba''* jedha. Akka asirraa hubannuutti gaheen afoolaa hangam gudda akka ta'e hubachuu ni danda'ama jechuu dandeenya.Afoolli immoo gosoota hedduu ofjalaa qaba, Gosoonni afoolaa kunniinis: Mammaaksa,hibboo, durdurii, tapha ijoollee, baacoo, geerarsa, weedduu, sirbaa kkf, maqaa dhahuun ni danda'ama. Kana ilaalchisee

የሰነቃል አይነቶች ብዙ ናቸዉ። በየአገሩና በየባህሉ የተለያዩ የስነቃል አይነቶች ቢኖሩም አብዛኞዎቹ በሁለት አበይት ቅርጾች ይከሰታሉ።የመጀመሪያዎቹ በዝርዉና በትረካ የሚነገሩ ሲሆኑ ሁለተኛዎቹ በግጥም ቅርጽ የሚቀርቡና የሚዜሙ ናቸዉ። በዝርው ከሚቀርቡት መህል ተረት፡ አፈታሪክ፡ሀተታተፈጥሮ  ምሳይሌያዊ አነጋገር እንቆቅልሽ ቀልድ ሌሎችም... ይገኙበታል። ከሚዜሙት ደግሞ ባህላዊ ዘፍኖችንና ዝማሬዎችን፣ ሙሾን ፉከራንና ቀረርቶን መጥቀስ ይቻላል። ዘርሁን አስፍው (1992፡28)

*"Akaakuun afoolaa hedduudha.Akkuma biyyaafi aadaa issaniitti akaakuun afoolaa yoo jiraataniiyyu iddoo lama gugurdootti qoodamu. Inni duraa afaaniiniin bifa haasa'atiin kan darban yoo ta'an. Inni lammaffan immoo bifa walalootiin kan dhiyaataniidha."* Jechuun ibsa. Dabalataanis, yoo adda addaan ibsu immo, *"Isaan bifa haasa'atiin darba keessaa kanneen akka hibboo, durdurii, mammaaksa, baacoo, jechama kkf. fa'i yoo ta'an kanneen bifa sirbaatiin dhiyaatan immoo, sirba aadaa, sirba booyyichaa, faarfaannaa, geerarsa, dhaaddannoo fa'i eeruun ni danda'ama."* jechuu ibsa. Akka asiirra hubannutti gosa afoolaa keessaa tokko sirba akka ta'e hubaachuun ni danda'ama. Sirba kan sirbamuuf gammachuu, gadda, jaalala, jibba, fedhii dhuunfaa,wanta sirraa'uu qabu akka sirraa'u itti himuuf, jajjabeessuu, dhiibbaa siyaasa ittin mormuf ta'u ni danda'a. Yaada kana cimsuuf marsariitii irraa kan fudhatame akkana jedha.

> *"The first American protest songs were crafted for a purpose of (to) draw people together around a central mission. The relation between music and politics has existed for centuries, sometimes harmoniously, and other time notes much. Historical records are full of examples, of song that laud the achievement of nations, dating all the way back to ancient Egypt. On the otherhand song writers have turned to their craft when contented with social and political injustice and give birth to song that seek to shine a light on the perceive inequalities of the day."*

jedha. Qabsoon Ameerikaanonni jalqaba godhan keessatti muuziiqaan galma qabsoo isaani akka kallatti tokkottii fulleeffatu taasisee jira. Hariiroo muuziqaafi qabsoon gama muuziqaatiin godhamu keessatti baroota dheeraa eegalee ukkamsaa fi miidhaa saboota biyyaa lafaarra jiran sagalee guddaadhaan olkaasuun mul'suufi iffatti baasuuf oolaa turanii jiru. Kana irra akka hubannutti itti fayyadama afaanii keessatti sirbi gahee akkami akka qabu nutti mul'sa. Dabalataan marsariitii irraa kan fudhatame yoo ilaalle,

> *"The fine arts constitute one class of human activities that include artistic practices such as music, theater, literature, painting, sculpture, dance, cinema etc by means of which mankind could express his happiness, sorrow, hope, wish, philosophy, beliefs, outlook, etc. and which belong to category of spiritual culture."*

Jedha. Akka asirraa hubannutti artiin sirba, diraamaa (tiyaatira), daansii, sinimaafi wkf. Kan ilmi namaa gammachuu, gadda, fedhii, hawwii, abdii, ilaalchafi wkf kan ittiin ibsatan ta'uu nutti agarsiisa. Ilmaan namaa itti fayyadama afaanii hojiin artii kana dhimma yoo itti bahan ni mul'atu. Odeeffannoo marsariitii irraa fudhatame akkana jedha. "Any musical innovation is full of a danger to the whole state, and ought to be prohibited when modes of music change, the fundamental, lows of the state always change with them" jedha. Akka asirraa hubannutti artiin sochii guddaa taasisuu keessati iddo hammamii akka qabu nutti mul'isa. Kun immoo, sirbi akka addunyaatti diddaa agarsiisuu keessatti gahee olaanaa akka qabunutti agarsiisa jechuu dandeenya.

Sirbi qabsoo kun Ardii Afrikaattis yeroo adda addaa miidha namoota irra gahaa ture weellistoonni sirba isaniitiin hubaatii saba irra gahaa ture callisanii hin ilalle ture. Kanaaf Afrikaanoonni saba gurrachaa irratti dhiibbaa irra gahaa ture artii kanaan falmachaa turan. Odeeffannoo marsariitii irraa argame akkan jedha. " *art is not a mirror hold up to reality, but a hammer with which to shape it to show how the political use of music in south Africa changed from being a mirror in the 1940s and 50s, to becoming a hammer with which to shape reality by the 1980s.* " Kanas yoo afaan oromootiin hiikkamu artiin sochii baroota 1940-1950 Afrikaa kaabaa keessatti taasisamaa ture kan mul'isu akka daawwitii mul'istuu garagarcha waan dhugaa jiru tokkoo osoo hin taane, akka burrusaatti rukutee kan qajeelchuudha." Jedha. Akka as irraa hubannutti sirbii rakkoo uummata irra gahu ibsuu qofa osoo hin taane warroota miidha hawaasa irraan gahaa turan sirreessuu irratti illee gahee guddaa kan tabatu ta'uu isaa huachuun ni danda'ama. Kanumaarraa ka'uun sirbi akka Afrikaatti jijjiirama siyaasaa agarsiisuu keessatti humna jabaa qabaachuu akka danda'u nutti agarsiisa.

Yoo gara biyya keenyatti dhufnes, bara adda addaa keessaatti hacuccaa hedduun biyyaa kana keessatti namoonni aanggoofi taayiitaa qaban aanoo isaaniitti fayyadamuun warroota humnaafi aangoo homaatuu hinqabne karaa adda addaatiinii yoo miidhaa hammana hin jedhamne irraan gahaa turan waan ifa galeedha. Yeoo kanatti namoonni dandeettii walaloo sirbaa qaban walaloo isaanitti fayyadamuun waan ta'aa jiru, waan ta'uuf jedhu, sirba isaanitti fayyadamuun haala bareedina qabuun waliif dabarsaa turan. Karaan ittiin waliif dabarsaa turan sirba qofaan ta'uu baatus, sirbi waan tokko dabarsuu irratti human guddaafi safiisaan iddoo fagoo gahuu irratti kaawwaan caalaa filatamaadha. Namoonni angootti fayyadamanii kan biro irratti karaa hedduun dhiibbaa geessisuun danda'u. Kunis, bara mootummaawwan darbanii kaasee hanga yeroo dhiyoo

keessatti inni tokko isa kaan irratti dhiibbaa hedduu geessaa ture. Dhiibbaa irra gahaa ture kanas tolee jedhee fudhatee hin teenye  namoonni dandeettii sirbaa qaban sirba isaaniitiin gootaa isaanii jajjabeessuun onnee itti horuun akka sammuu dhaggeeffata keessaatti waa uumu gochaa turan. Sammuu keessatti waa uumuu qofa osoo hin taane akkaataa ergaa garaagaraa walaloo sirba isaaniitiin aguuganii ittiin waliif dabarsu. Ergaan darbu sun immoo akkataafi dandeettii nama walaloo sirbaa sana qopheessee dhiyeessuu sana irratti hundaa'uun waan dabarsuu barbaade sun ciminaafi bareedina gaarii akka qabatuu ta'ee ergaa yaadame sana iddoon gaha jechuudha. Haala Kanaan sirbatti fayyadamuun waan irra gahu kana falmachaa ture. Ammas falmachaa jira.

Yoo gara Oromiyyatti dhufnees, abbootiin aangoo aangoo qabanitti fayyadamuun kaaraa adda addaatiin uummata oromoo irraa miidhaa guddaa irraan gahaa turan. Miidhaafi dhiibbaa irra gahaa ture kanas gosoota afoolaa keessa tokko kan ta'e sirbatti fayyadamuun rakkoofi dhiibbaa irra gahaa ture kana ittiin ibsachuu danda'uun ergaa barbadee sana waliif dabarsaa ture.

Namoonni dandeettii sirbaa qaban sirba isaaniitin, rakkoofi hacuccaa irra gahu kana waliif dabarsuun falmatu. "Burree yaa gaaddidduu Booseen maa si elmmattii dhiittee didduu" jechuun afoola oromoo keessaa sirbatti qabachuun akkaataa diddaa ittti agarsiisan waliif dabarsaa turan afoola Oromoo kanarraa hubachuun ni danda'ama. Sirbaatti qabachuun mormii akka kaasan waliif dabarsaa turan.Yeroo sana keessatti namoonni waayee siyaasaa dubbachuu hindeenye sirbatti qabachuun ergaa dabarfachuu barbaadan haala kanaan waliif dabarsaa turan. Namoonni yeroo sanatti sirba kana yoo sirban waa'ee sa'a isaanii kan bifti burree taateen hin elmaminii waan jedhan fakkaata. Garuu weellistoonni yeroo sanaa dandeettii qabanitti fayyadamuun uummatan  abbootiin aangoo qaban sanuu kan aadaa kee hin beekne maaliif qabeenya kee sirraa nyaatti didi fincila kaasi maaliif saramta jechuun karaa midhagina qabu kanan ergaa waliif dabarsaa turan.

Karaan ittiin miidhagsinee waliif dabarsinu kun immoo malleen dubbii isa tokkoodha. Malleen dubbii waliin dubbii keessattis, ta'ee barreeffa keessatti akkasumas, walaloo keessatti yaanni darbu sun yookiin barreeffamni sun akka miidhagina qabatee ergaan darbu sun osoo hin dagatamin akka yeroo dheeraaf turu gochuun karaa hawwataa ta'een ergaa ciccimoo iccitii heduu ta'e qabu  waliif ittiin dabarsaan keessa malli dubbii gahee olaanaa qaba. Kanaaf, weellistoon ta'ee barreessitoonni qola dubbitti fayyadamuun  namoonni akka qabsaa'an bosona galuun gita

bittaa yeroo sana keessa ture ofirraa akka fonqolchan godhuu keessatti gaheen sirbi taphate laayyoo akka hin taanee arguu dandeenya. Sanuu karaa hamilee namaa kakaasuufi miira dhaggeeffataa booji'uu danda'uun ofitti nama harkisaa suuta suuta jechaa karaa adda ta'een nama bashannannisiisaa erga cimaafi bilchina qabu kan akka salphaatti dagatamuu hindandeenye of keessatti baatee yeroo dheeraa turuu danda'u ittiin waaliif dabarsu. Haaluma wlfakaatuun qorattichis, qorannoon isaas, malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee filataman keessatti mul'atan ibsuudha.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf ka'umsi qorannoo jiraachuun barbaachisaadha. Kanaafis, ka'umsa qorannoo kana gaggeessuuf sababa qorattichaaf kan ta'an yoo fudhannee. Qorannoon kun yoo qoratame gama siyaasdiinagdeetiin, ilaalchaatiin hawaasa irratti jijjiirama akkamii fiduu akka danda'a xiinxaluuf. Eergaa dhokataa weellisaan kun malleen dubbii walaloo sirboota kanatti fayyadamee dabarsuu barbaade aadaa duudha hawaasaa akka hindagatamne tursiisuuf, Ergaan malleen dubbii walaloo sirboota filatamanii keessatti argaman xiinxaluuf Afaan guddisuu keessatti gumaachi malleen dubbii qabu maal akka ta'e addeessuu. Gosoota malleen dubbii walaloo sirba Jaamboo Jootee keessaa sirboota filataman keessa jiran adda baasuu. Sirboota filataman keessatti baayyinaan malleen dubbii kam kam itti tajaajilame. Akkasumas, sirbi qabsoo cimsuu keessatti gahee malleen dubbii qaban adda baasuu xiinxaluufiidha. Sirba Jaamboo Jootee sirbe keessaa sirboota afur irratti malleen dubbii walaloo sirba Jaamboo Jootee keessatti dhimma itti bahee kanneen kam fa'i akka ta'e, akkasumas, ergaa malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee keessatti darban adda baasuufi gumaacha akkamii bahaa akka jiran xiinxaluufiidha.Dabalataanis,walaloon sirba weellisaa kanaa Kanaan dura waan hin qoratamneef qoratamee akka hubatamuuf jecha qorrattichi gaaffiilee ka'umsaa qorannichaa deebii argatan haala kanaan gadii kanaan qopheessee jira.

1. Dhaamsi malleen dubbii walaloo sirboota filatamanii keessatti dhiyaatan maal maal fa'a?
2. Malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee filataman keessatti argaman eenyu fa'i?
3. Gosoonni malleen dubbii weellisaan kun walaloo sirboota filataman isaa keessatti baayyinaan itti fayyadame kam kam fa'a?
4. Malleen dubbii baay'inaan fayyadamuun isaa bu'aa yookiin miidhaa maalii fida?

## 1.3 Kaayyoowwan Qorrannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa malleen dubbii sirba Jaamboo Jootee arfan filataman keessatti mul'atu ibsuudha. Kaayyoowwan gooree qorannichaa ammoo akka armaan gadiitti ta,u.

- ✓ Dhaamsawwan malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee keessatti dhimma itti bahamaniin dabrarsan adda baasuu
- ✓ Malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee filataman keessatti mul'atu adda baasuu,
- ✓ Gosoonni malleen dubbii Jaamboo Jootee walaloo sirboota filataman isaa keessatti baayyinaan itti fayyadame kam kam akka ta'an addeessuu
- ✓ Malleen dubbii baay'inaa itti fayyadamuun isaa faayidaaf dhiibbaa akkamii akka qabu addeessuu.

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun barbaachisummaan isaa malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee sirbe keessaa sirboota filataman arfan keessa jiran addaa baasuufiidha. Bu'aan qorannoo kanaa yoo qoratamee gama siyaasaatiin,gama diinagdeetiin ilaalchi hawaasni qabu maal akka fakkatuu mul'isa. Eergaa dhokataa weellisaan kun malleen dubbii walaloo kanatti fayyadamee dabarsuu barbaade iffatti baasee mul'isuuf. Kanamalees, aadaa duudhaa hawaasaa malleen dubbii walaloo sirbaa kana keessa jiru akka hindagatamne dhaloota dhufuuf galmeessee tursiisu taasisaa. Walaloon wellisaa kanaa Kanaan dura waan hin qoratamniif akka qoratamee hubatamuufi. Kana malees, ergaa sirboota filatamanii jechuun: Gooba Kormaa, Gidiraa, Raada Gaarreefi Belba jedhaman keessatti dhimmaa itti bahaman adda baasuu. Afaan Oromoo guddachaa jiru kana caalaatti akka guddatu gahee walaloo sirba qabu mul'isuu. Sirbi akkamitti malleen dubbiitti gargaaramee qabsoo finiinsuu keessatti gahee akkamii bahaa akka jiru. Namoota sirba baasuu barbaadaniif icciitii sirbi dabarsuu danda'u hubatanii tooftaa itti ergaa hawaasaaf dabarsan dandeetti gabbifachuuf gargaara. Bariissonni malleen dubbii walaloo sirbaa keessatti akkamitti itti fayyadamanii akka ergaa dabarsuu danda'an hubannoo dabalataa argatu. Guddina Afaaniitiif caalatti karaa saaquu dand'a. Namoonni mata duree kana irratti qo'annoo gaggeessuu barbaadaniif dabalata ta'uu danda'a.

## 1.5 Daandaa Qorannichaa

Qorannoo kun osoo walaloo sirboota Jaamboo Jootee qabu hundarratuu gaggeeffamee faayidaa (bu'aa) barbaadamu sana caalatti  gabbisa ture. Garuu,qorataan qorannooo kana sababa yeroo hojiifi maallaqa guddaa waan barbaachisuuf sirboota weellisaa Jaamboo Jootee weellise keessaa sirboota matadureen isaa Gooba Kormaa (2013), Gidiraa (2016), Raada Gaarree (2017), Belba (2018) kan jedhamanirratti kan dangeeffameedha.

## 1.6 Hanqina Qorannichaa

Dalagaan tokko wayita dalagamu hanqinaafi cimina mataa isaa kan ta'e qabaachuu danda'a. Haaluma Kanaan qorannoon kun yeroo gaggeeffamu kanatti hanqinoonni qoratticha muudatan keessaa inni tokko dhibee koronaati. Kunis yeroo qorannoo kana gaggeessuu sababa dhukkuba kanaatiin  namootaa adda addaa mataduree kana irratti dandeettii qaban irraa odeeffannoo dabalataa argachuu irratti rakkoon muudatee turu. Silaa akka yaadame sanattii dalagamee turee gaarii ture, inni biro ammoo qorataan hojii idilee irraa bilisa ta'ee  gaggeessuuf itti hin mijoofne ture. Osoo hojii idilee irraa bilisa ta'ee qorannoo kun gaggeessamee gaarii ta'a. Gama biraatiin immoo kitaabolee wabii Afaan Oromootiin qophaa'an heddumminaan argachuu dhabuun muudateera. Hanqinnoonni mudatan kunnii  kan dhibee koronaan walqabateen alatti qorattichi yeroo isaa hanga danda'ameetti mijeessuufi marsariitii fayyadamuun qorannichaa haalaan gaggeessee jira.

## 1.7 Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kana qindoomina isaa yoo fudhannee ilaalle hojiilee boqonnaawwaan jalqabaa kaasee hanga dhumaatti jiran kan ilaalataniidha. Haaluma Kanaan qindaa'inni qorannoo boqonnaawwan tokkoon tokkoon keessatti kanneen dalagaman kan mul'isaniidha. Boqonnaa tokko keessatti wantoonni kanneen hammataman; Ariirata qorannichaa kan qabuudha. Akkasumas, Ka'umsa qorannichaa, Kaayyoowwan qorannichaa, kaayyoowwan qorannichaa jalatti immoo kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree qorannichaa, Barbaachisummaa Qorannichaa, Daangaa qorannichaa ,Hanqina qorannichaa kan of keessaa qabu yemmuu ta'u. Boqonnaa lama keessatti immoo, kanneen armaan gadiiti. Isaniis: Sakkatta'a barruu waliin kanneen hidhata qaban kan haammatuudha. Boqonnaa sadii keessatti kan argaman kanneen akka  Seensa, Saxaxa qorannichaa, Xiinmala qorannichaa  jalatti immoo, Irrawwatama, Iddatteessuu, Meeshaalee

funaansa ragaaleefi mala qacceessa ragaalee kan of keessaatti haammateedha. Boqonnaan Afur keessatti kanneen jiran immoo, Dhiyeessaafi Xiinxala Ragaalee kan itti dhiyaate yoo ta'u. Boqonnaan Shan immoo, Cuunfaa, Argannoofi Yaboon akkuma duraadubummaa isaatti kan dhiyaateedha.

## BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'A BARRUU

### 2.1 **Maalummaa Malleen Dubbii.**

Malleen dubbii jechuun haala dubbii keessatti ta'ee barreeffama keessatti dubbiin tokko midhaginaa gonfatee osoo nama hin nufisiisin haasofni dhaggeefannu yookiin dubbisinni dubbisinnu akka ofiitti nama hawwatuun akkasumas akka hin dagatamne yookaan akka hin iraafatamne kan taasiisudha jechuu dandeenya. Malleen dubbii itti fayyadama afaanii keessatti namoonni yeroo waliin dubbii taasiisan keessatti ta'e barreeffamaan ergaa tokko ittiin dabarsatan ergaan darbu sun dhaggeeffataa sana yookiin dubbisaa sanaaf akka mijatu kan tasiisuudha. Kana ilaalchise Addunyaan (2018:208). "*Malleen Dubbii fayyadaama afaanii kan haala salpaan ta'een ergaa tokko nama hubachiisaniidh*a" Beekan Gulummaa (2015:144*).*

> *" Dubbiin qolaa, haala dubbii kan asoosaan yookiin waloon tokko dubbii isaa mi'eessuuf, addeessuuf, ho'isuuf, miidhaksuuf akkasumas akka dubbisaan yookiin dhaggeeffatan hubatuuf faallessuun/maquun/yaada isaaa qindeeffatu ilaala. Malli dubbii akkanaa kun wanti lubbuu hin qabne akka lubbuu horatuuf, kan dimimmisa keessa jiru akka ifuuf, wanti xiqqoon akka guddatee mul'atuufi kkf.tiif ga'ee guddaa qaba*."

Kanaaf malleen dubbii jechuun hasa'a keessatti ta'ee barreeffama waan haalaan namaa hubatamuu rakkisaa ta'e tokko akka namaaf hubatamu gochuun karaa salphaa ta'een dhageeffataas, ta'ee dubbisaa tokkoof kan dhiyeessu akka ta'e nama hubaachisuudha. Malleen dubbii waliin dubbii tokkoo keessatti kan haasa'a keenya yookiin barreeffama barraa'e tokko karaa ittiin mi'eessuun ittiin dhiheesinuudha. Maalummaa malleen dubbii ilaalchisee yaada kana kan nuu cimsu yoo fudhanne ilaalle akkana jedha.

> *ዘይቤ አንድን ሀሳብ፡ድርጊት ወይም ሁነት፡የአንድን ነገር ቅርጽ ወይም ሁናታ እንዲሁም የሰዉን ባህሪ፡ ስሜትና መልክ አጉልቶና አድምቆ ለተመልካቹም ሆነ ለሰሚው ምናባዊ ፍስሀ በመስጠት የሚቀርብ የአነጋገር ስልት መሆኑን ብዙ አዋቂዎች ይናገራሉ።ይህ የአነጋገር ስልት ግኡዝ ነፍስ እንዲዘራ፣ደብዛዛው ብሩህ እንዲሆን፣ረቂቁ እንዲገዝፍ፣ከመርዳቱም በላይ ተገላጩ የስሜት ህዋሳትን ነክቶ ብሩህ ምስል በመፍጠር በአይነህሊና እንዲታይ በእዝነህሊና እንዲሰማ ወይም በእጅ እንዲዳሰስ ጣእምና ለዛው እንዲታወቅ የማድረግ ሃይል አለው።ይህ ሀይሉ የሚለካው ደግሞ ተገላጩ ነገር በሰሚው ወይም በአንባቢው አእምሮ ተቀርጾ እንዲቀርና አይረስ እንዲሆን ለማድረግ ባለው አቅም ነው።* ዘሪሁን አስፋው፣ (1992፡105)

Yaada kana irraa akka hubannuttis malleen dubbii gocha tokko barreeffaman ta'ee dubbii afaanii keessatti lubbuu itti horee mi'eesseefi miidhagsee akka sammuu dubbisaa yookiin dhaggeeffata

keessa osoo hin irraaffatamni yeroo dheeraaf akka turuu danda’utti akkuma waan nubira hijirre tokko harkaan qaqqabnutti akkasumas waan ijaan hin argin tokko sammuu keenya keessatt ija fooniitiin osoo hin taanee ija sammuu keessaatti fakkii kaasuun waanuma argaa jirru godhee nutti agarsiisuun kan namaa dhiyeessu akka ta’e nama hubachiissa jechuu dandeenya.

Maalummaa malleen dubbii yemmuu ibsamu haasa’a tokkoo keessatti karaa dubbataan sun dhaggeeffataa isaa boojii’ee dubbiin inni dubbatu sun osoo irraa hin sharafamni akkasumas nuffii tokko malee gurra dhaggeeffataatti seenuun waan dubbatan yaade sana biraan gaheefi dubbisni nuti dubbisnu tokko ofitti nu harkisuun wayita dubbisnu sana akka waan nama waliin haasofnuutti fuulli keenya takka ifaa takka immoo dukkanaa’aa osoo walirraa hin kutiin akka dubbisnu nu taasiisnaan dubbisni sun malleen dubbiii haala dhimma itti bahe jechuudha. Kanaafuu, malleen dubbii dubbii tokko yeroo dhaggeeffannu ta’ee, dubbisa tokko yeroo dubbisnu sana keessa seennee yaadaan waliin godaannun akka nuti yaannee osoo hin taanee akka barreessan sun yaadeetti yaannu kan nu taasiisu taanaan malleen dubbiitti haalaan fayyadamee jechuudha.

ዘይቤ”ለአገላለጽ ትኩስነትና ጥንካሬ ለመስጠት ሲባል ከመደበኛው የቃላት ፍቺ ወይም የቃላት አደራደር ስርአት ይሆነኝ ብሎ ማፈንገጥ ነዉ።ዘይቤ አንድን ሁኔታ የሚገልጸው የቃላትንና የሀረጋትን ትርጉምና አገባብ ከተለመደዉና በዉል ከታወቀዉ ወጣ ወይም ለየት በማድረግ ለሀሳብ ላቀ ያለ ደረጃ ወይም ከፍታ በመስጠት ነው። ዘሪሁን አሰፋው (1992፣105)

” Malleen dubbii waan tokko xoxeessuun ibsuuf jechaa haala uumaa isaarraa haata’u jedhee irraa maqsuun waan ibsu sana sadarkaa isaa olkaasuuf cimina itti uumee akka mul’isu kan taasiisuudha” jedha. Kana irraa akkuma hubannu malleen dubbii hangam barreeffama tokko keessatti ciminaa olaanaa akka qabu ilaaluu nu dandeessisa. Kanaafuu,yaada kana irraa maalummaa malleen dubbii haala nu ibsuu danda’a. Malleen dubbii waan ibsuu barbaanne sana olkaasuun human itti horee akka sirritti xiyyeeffanno guddaa argatu taasiisuun yaanni keenya sun xiyyeeffannoo argatu gochuun ergaa dabarsuu barbaanne sun akka nuuf darbu gochuu keessatti gahee guddaa qabachuu isaa nutti agarsiisa.

## 2.2 Faayiidaa Malleen Dubbii

Malleen dubbii kun afaan dubbii keessattis ta’ee afaan barreeffamaa keessatti hedduminaan hojiirra oola. Keessayyuu afaan dubbii keessaa afoola keessatti hedduminaan mul’ata. Jechuun fayyidaa malleen dubbii ibsu. Kanaafuu, malleen dubbii waliin dubbii namoonni taasiisan keessatti ta’ee barreeffama keessatti wanti dubbannu sun yookiin wanti barreessinu karaa salphaatti namaa galuu danda’uun dhaggeeffata yookiin dubbisaan akka hubatn isaan tasiisa. Kana ilaalchisee Addunyaan (2018: 208*). “…karaa ittiin waan guddaa tokko kineessanii, kinoo ammo arbeessanii, binoo nameessanii, namoo bineensanii, wali-cinaas qabanii, cinaachaan himaniifi wkf taasisuun hubannoof haala mijeessan jechuudha.”* Jedha, Yaadonni asii olitti eeraman kunniin hunduu malleen dubbii walii galtee afaanii ta’ barreeffamaa keessatti fayyidaa akkamii akka qaban nu hubachiisu. Marsariitii irraa kan fudhatame maalummaa malleen dubbii yoo ibsu akkana jedha. *“Malleen dubbii jechuun gosoota afoola keessa tokko ta’ee barreeffamni tokko yokiin haasofni tokko sammuu dhala namaa keessatti fakii kaasuun yeroo dheeraaf osoo hin irraanfatamiin akka turuuf kan gargaaruudha.*” Yaaduma kana Yaadannoon (2014:83) waa’ee malleen dubbii akkaataa armaan gadiitiin ibsa.

> *”Dubbiiwwan qolaa kun sadoommii yookiin malleen dubbii jedhamuun beekkamu. Maanguddoon Oromoo durii afaan yookiin barreessitoonni ammayyaa hojiiwwan barreeffamoota akka asoosama, diraamaa, walaloo, hololoo, waliin dubbi adda addaa keessatti, ijoo dubbii sanii haala mi’awaafi miira namaa harkisuun yaadni fakii sammuu keenya keessatti umanii kan barbaadan xiqqeessuun, kan tuffachuu barbaadan jajuun kan abaruun fedhan eebbisuun salphaatti dagatamuu akka dagatamuu hin dandeenyen hubachiisuuf kan itti fayyadaman dubbii qolaa yookiin sadoommii jedhama’’*

jechuun ibseera. Fayiida malleen dubbii kana ammas, marsariitii irraa kan fudhatame yoo ibsu. *”The purpose of using figures of speech is to add richness to writing that will have an effect on the reader. By using these comparisons, it allows the reader to have a greater understanding being described in the writing.“* Jechuun ibsa. Akka asirraa hubannutti faayiidan malleen dubbii barreeffaman yookiin dubbii tokko keessatti yaada dubbisinnee yookiin dhaggeeffanne sana ergaa sana haalan akka hubannu nu gargaara. Eegaa akka asirraa hubannutti malleen dubbii waliin dubbii keessatti ta’ee barreeffama keessatti ergaan darbuu barbaadame sun karaa hubatamuufi hin irrafatamuu hin dandeenyen dabarsuu keessatti gahee gudda akka qabaaachu danda’u nama hubachiisa.

## 2.3 Gosoota Malleen Dubbii

Gosoota malleen dubbii kana irratti barreessitoonni adda addaa maqaa adda addaa itti moggaasuun yoo barreessan ni mul'atu. Addunyaan habalakaaf Arbeessaa jechuun itti fayyadame yoo ta'u. Beekaan immoo, habalakaa Ukukkubee jechuun itti fayyadamee jira. Akkasumas, Abdulqaadiriifi Dajaneen immoo, habalakaafi Gurraguddisaa jechuun dhimma itti bahanii jiru. Haata'u malee, maqaa adda addaa moggasuun itti fayyadamuun isaan kun hiika isaa irratti garaagarummaa hiika waan hinqabneef akkasumas, hiikni isaanii dubbisa keessatti waan argamaniif gosoonni isaanii kam akka ta'e beekuun nama hin rakkisu. Waa'ee gosoota malleen dubbii kana ilaalchisee Guddon (1982:27) yemmuu qoqqoodu, "*There are many, figure of speech devices. Figure of speech devided into: simile, metaphor, personification, apostrophe, hyperbola, antihesis, synecdoche, paradox, and symbol''* jechuun qoqqoodeera. Isa kanarraa kan hubatamu malleen dubbii gosoota adda addaa qabaachuu isaaniiti. Gosoonni kunneennis: akkasa, iddeessuu, nameessuu, atee, jediiyaadii, habalaka, arbeessuu, eemitii, fakkoofi mallattoo ta'u jechudha. Gosoota malleen dubbii kana ilaalchisee

"በዚህ ክፍል በብዙ ደራሲያን ስራዎች ውስጥ የሚታዩትንና ባጥም የተለመዱትን ወይም በዉል የታወቁትን ዋና ዋና ዘይቤዎች መመልካቱ የዘይቤን ባህሪና አገልግሎት ላይ ውላው ያሚገኙትም አነጻጻሪ፣ ተለዋጭ፣ ሰውኛ፣ እንቶኔ፣ምስያ፣ ተምሳሌት፣ አይዎ፣ምጸት፣ ንቡርጣቃስሽ፣ በስመህዳሪ፣ አሊጎሪ፣ ደጋሚድምጽ፣ ናቸው። ዘርሁን አስፍው (1992፥106)

Yaada kana gara afaan Oromootti yoo hiikne: *kutaa kana keessatti Barreessitoonni hedduun hojiiwwaan isaanii keessatti itti fayyadamuun mul'atan isaan gurguddoofi beekkamoon kanta'an: Nameessaa, Akkasaa Iddoossaa, Eemitii, Habalaka, Arbeessaa, Mallattoo, Irradeeddeebii, Tuqseefi Atee/Jedhiyaadi* " jechuun ibsee jira. Akkuma kana irraa hubannuutti malleen dubbii baayyinaan barreessitotni hedduminaan itti fayyadamanfi beeekkamoo ta'an kannee akka ta'an hubachuun ni danda'ama. Gosoonni malleen dubbii kunniin akka arman gadiitti fakkeenya waliin ibsamaniiru.

### 2.3.1 Nameessaa

Nameessaan wantoota nama hintaane amala namaa gonfachiisuun wantoota ilmaan namaa raawwachuu danda'an akkuma isaaniitti yoo dalagan agarra. Kana ilaalchisee Addunyaan (2018:211) "*Akkuma maqaa isaa nameessaan lubbu-maleeyyii yookaan lubbu-qabeeyyii biro amala namaa gonfachisuudha*. *Akka namaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaranii akka digaan, dhiyatanii akka hiiqaniifi wkf akka dalagan kan taasisu fayyadama*

*afaaniiti.''* Jechuun ibsee ture. Namoonni waliin dubbii taasisa keessatti ta'ee barreeffaman taasiisamu keessatti wantoota ifatti dubbachuu hinbarbaannee akkasumas barreessuu hin feene dhoksaan dhaggeeffata yookiin dubbisaa biraan gahuufis ni tajaajila. Kana ilaachisee Addunyaan (2018:211-212) "Namoonni kallattiidhaan dhimma dubbachuu barbaadan san yoo dhiyeessan, dhiibbaa isanirra ga'u jalaa miliquuf jech bineensota kana da'oo tasiifatan. "Jedha. Akka asirraa hubannutti wanta dhoksaan dabarsuu barbaanne tokko malleen dubbii keessa nameessatti fayadamuun ergaa dabarsuu barbanne tokko dabarsuu akka dandeenyu nutti agarsiisa. Namoonni wanta fedhan, hawwan, barbaadan, jaalata, jibban, sodaatanfi kkf.waan birootti jechuun waan lubbuu hin qabneefi lubbuu qabutti qabachuun akka inni dubbattee fakkeessanii ergaa dabarsuu barbaadan sana ittiin dabarfatu. Fakeenya nameessa tokko yoo fudhannee ilaalle 'Osoo beeknu huuba wajjiiniin jette sareen, jedha mammaaksi Oromoo. Afoola Oromoo keessa tokko mammaaksa Oromoo akka ta'e beekkamaadha. Mammaaksa kana akka waan sareen dubbattee fakkeessanii namoonni yoo rakkoo isaaniirra gahee ittiin ibsatan arguu ni danda'ama.

### 2.3.2 Akkasaa.

Gosoota malleen dubbii keessa tokko akkasaan isa tokko. Addunyaan (2018:208*) "Akkasaan gaalee 'akka isaa' jedhurra ijaarame.Tajaajilli isaas ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekama ta'e tokkoon wal-cinaa qabuun dhiyeessuun akka salphaatti hubatamu gochuudha.* "Jechuun ibsa. Kanuma ilaalchisee hiika 'Oxiford ' yoo ibsu. *''a figure of speech the comparison of one thing with anther things of a different kind, used to make a description more emphatic or vivid. (e.g. as brave as a lion)''* Akka asirraa hubannutti akkasaan amala waan tokkoo wan birootiif kennuun kan bakka busuu ergaa dabarsuu barbaade sana ittiin dabarsu ta'uu nutti agarsiisa. Akka kana irraa hubannutti gocha waan tokkoo kan birootiif kennuun akka gochi sun kan nama sanaa ta'eetti isa birootiif kennuun tooftaa ittiin ibsinuudha. Addunyaan (2018:208*) "…Haala akkasii keessatti "X"n akka "y" jechuun bay'inaan jechoota akka, hanga, fakkata dhimma akka bahan"* ibsee jira**.** Akka kana irraa hubannutti gosoota malleen dubbii keessaa akkasaan jechoota akka, hangafi fakkata jedhamanitti fayyadamuun wantoota dabarsuu barbaade sana ittiin dabarfata.

### 2.3.3 Iddeessaa/bakka buusa

Gosoota malleen dubbii keessa iddeessaan isa tokkodha. Iddeessa ilalchisee Addunyaan (2018:209-210) "*Malli dubbii iddeessa jedhu 'gaalee iddoo isaa' jedhurraa ijaarramee waan*

*tokko guutummaan guutuutti amalaa waan biraa goonfachiisuun dhiyeessa.”* Jechuun ibsee jira. Dabalataanis, akka hiika Oxford Dictionary irraa argametti. *“ A metaphor is a figure of speech that, for rhetorical effect, directly refers to one thing by mentioning anther. It may provide clarity or identify hidden similarities between two different ideas”* Akka asirraa hubannutti yoo amala tokko guutummaa guutuutti waan biraatiin bakka buusu nutti agarsiisa. Beekaan (2015:123-124) *“Bakka buusuuni uumama (nature) waan tokkoo kan biratiif kennuuf tajaajila. Amala bifa yookiin boca namaa, kan bineensaa, kan mukaa, akkasumas lubbuu qabeeyyii garaararaa fuudhee kan biraatiif kennuun guddisee suuraa waan addeeffamuu Sanaa namatti agarsiisa”* jedha. Waan ifatti dubbachuu yookiin ibsuu hin barbaanne tokko ittiin ibsiniidha. Akkuma asiirraa hubannutti gosti malleen dubbii akkanaa kun tooftaa yookiin mala karaa ittiin waliin dubbii keessatti tahee barreeffama keessatti, itti fayadama afaanii keessatti namoonni yoo amala waan tokkoo waan birootiif kennuun itti tajaajilaman kan mul’atuudha. Malli dubbii kun akkuma malleen dubbii biroo tooftaa ittiin waan tokkoon baakka buusuun amala tokkoo isa tokkoof guutuumaa guutuutti keennuun ittiin yaada keenya ittiin ibsannuudha. Gabaabummatti iddeessaan wantootaa amalaan walfaakkeessanii ibsuun amala waan tokkoo isa kaaniif kennuun ittiin ibsuuti jechuu dandeenya.

### 2.3.4 Eemitii

Malli dubbi kun akkuma malleen dubbii kan biroo itti fayyadama afaanii keessatti kan tajajilaaniidha. Eemitiii kana ilaalchisee Addunyaan (2018:212-213) *”Jechi ‘eemiti’ jedhu ‘eeyyeefi miti’ jechoota jedhaniirraa uumamaan. Jechoonni kunneen faallaa waliiti. Amaluma jechoonni kun dhuunfaan qaban faanaa bu’uun akka wantoonni faallaan lama wal-faana dubbataman taasisuun itti fayyadamuudha.*” Jechuun ibse. Akka asirraa hubannuutti eemitiin dubbii qolaa karaa waan tokko jechoota waliifi faallaa ta’an walitti fiduun ergaa dabarsuu barbaade sana ittiin dabarsuudha. Waan kana ilaalchisee Beekaan (2015:138)

*“Wal-faalleen gaaleewwan yookiin himoata yaadota waliif faallaa ta’aniin ijaaraman keessatti mul’ata. Yaadoliin waliif faallaa ta’an kunniin yoo irraa keessa isaa ilaalan waan qoosaa fakkaata. Haata’u malee, abbaa itti hubatee ilaaleef, iccitii dhugaa ta’e of keessaa akka qabu namatti agarsiisa. Yoo gadifageenyaan sakattaane, keessaa dhokataa yoo ta’ellee, wanta haqaafi hiika qabeessa ta’ee mul’ata.”*Jedha. Akkuma yaada kana irraa hubannutti eemitiin jechoota waliif faallaa ta’an lamaan waliin hiriiruun karaa dhoksaa ta’een ergaa barbaadame

tokko ittiin waliif dabarsaniidha. Dabalatanis dubbii qolaa kana moggasa Qardooma jedhu kennuun yoo ibsan Abdulqadiriifi Dajaneen (2012:149)

> "*Dubbiin qoolaa qardoomaa kun immoo akkuma maqaasaarra agarru jecha 'qaraafi doomaa' jedhurra dhufe. Dubbiin qoolaa kunis jechoota faallaa walii ta'anirraa ijaarama. Hiikkaan jechoonni faallaa walii ijaaran kun hiika isaan duran qabanirraa adda kan ta'e uumunidha*"

Akka fakkeenya kana irraa hubachuu dandeenyeetti dubbiin qolaa kun wantoota waliif faallaa ta'an irraa waliitti dhufuun ijaarramee ergaa dabarsuu barbaade sana karaa nama hawwatuun ergaa hedduu cimaa ta'e ittiin dabarsa jechuudha.

### 2.3.5 Habalaka

Habalkakni malleen dubbi keessaa tokko ta'ee akkaataa waan tokkoo faallaa isaatiin wan ibsuu barbaadan sana ittiin ibsaniidha. Kana ilaalchisee Addunyaan (2018:213)*"...Habalakni tooftaa ittiin waan tokko faallaa isaatiin ibsinudha. Hiika waan ibsamee kanaa hubachuufis haala keessatti ibsameefi aadaa hawaasichaa hubachuun barbaachisaadha. Bakka hubannoon akkanaa hinjirretti garuu erga darbu sana hubachuun rakkisaa ta'uu mala."* Jechuun ibsee jira. Marsariitii irraa yoo waa'ee habalaka ibsu "*litotes is a figure of speech featuring a phrase that utilizes negative wording or terms to express a positive assertion or statement. Litotes is a common literary device, most often used in speech, rhetoric, and nonfiction*." Jechuun ibsa. Akka asirraa hubanutti malli dubbii kun waan ibsuu barbaadan sana ibsuuf karaa faallaa ta'een dubbachuun ibsu jechuudha. Fakeenya namni tokko yoo waa hojjattu sitti dufee 'wantii hojjachaa jirtu kun waan gaariidha! Jabaadhu ! Yoo siin jedhe ta'e, akkataa namichi sun itti dubbatte irratti hundooftee waan siin jechuu barbaade sana ni hubatta. Gochiin ani dalagaa jiru kun gaarii miti jedhee of ilaaluu danda'a. Walumaa galatti habalakni waan ibsuu barbaanne sana karaa faallaa ta'een karaa ittiin yaada dabarsuu barbaannee ittiin ibsinuudha.

### 2.3.6 Arbeessaa

Arbeessan malleen dubbii keessa isa tokko ta'ee akkuma maqaa isaa irra akka hubannuutti waan tokko human isaa ol guddisuu yookaan humnaa gadi xiqqeessuudha. Kanas, kan itti fayyadamnu waliin dubbii nama waaliin taasifnu keessatti ta'ee barreeffamaan dabarsinuu keessatti itti fayyadamuun waan ibsuu barbaanne tokko caalatti akka ergaa sana dabarsu kan ittiin ibsinuudha. Itti fayyadama afaanii keessatti wantti dubbannuufi barreessinu sun akka xiyyeeffannoo argatu gochuuf itti fayyadamna jechuudha. Kana ilaalchiesee Addunyaan (2018:214)*"..Arbeessuun*

*waan tokko garmalee guddisanii yookaan garmalee xiqqeessanii dhiyeessuudha. Kunis waan tokko guddisanii hanga araba, kinneessanii ammo hanga huubaa taasisuu jechuudha*. ” Eegaa akka asirraa hubannutti wanta tokko garmalee oo’isuufi garmailee qorrisiisuun dhiyeessuu akka ta’e nutti agarsiisa. Malleen dubbii kana ilaalchisee Abdulqadiriifi Dajaneen, (2012:145) “...*Gosti dubbii qolaa kunis hanga/haala wanti tokko qabu hanga inni ga’u olitti yookiin gadiitti dubbii guddisuun ibsuudha*. *Hanga wanti tokko ga’u olkaasuun ibsuu qofa miti; hanga inni ga’u gadi buusaanii himuun illee gurra guddisoodha*” jedha. Akka asirraa hubannuuttis malli dubbii kun waan tokko garmalee xiinneessuun akkasumas garmalee guddisuun ergaa dabarsuu barbaade sana akka xiyyeeffannoo argatee darbu gochuuf kan dhiyyeessu akka ta’e hubachuun ni danda’ama.

### 2.3.7 Mallattoo

Malli dubbii kun tooftaa waan ijaan hin mul’annee waan mul’achuu danda’uun bakka buusuun kan ittiin ibsinuudha. Kana ilaalchisee marsariitii irraa kan fudhatame “*Idiom are a type of figurative language, which means they are not always meant to be taken literally. Idioms express a particular sentiment, but they do not literally mean what the individual words. Themselves mean.”* Dabalatanis yaaduma kana akkana jechuun ibsa. “*An idiom is a commonly used expression that has acquired a meaning different from its literal meaning . Idiomatic phrases very by culture and language.They are often difficult to grasp for language learners the expression’s true meaning is so different than what is being expressed.”* Jedha. Akka asirraa hubannutti malli dubbii kun karaa waan ijaan hinmul’anne tokko waan mul’atuun bakka busuun ittiin ibsataniidha jechuu dandeenya.Yaaduma kana cimsuuf jecha yoo akkana jedhu yaa ilaallu.

*“ የተምሳሌት ዋነኛ ባህሪ ውክልና ነው። አንድ ተጨባጭ ነገር፣ቦታ ወይም ድርጊት ለሌላ ነገር በማቆም ያንን የሚወክለውን ነገር ወይም ጉዳይ፣ አጉልቶና ኢድምቆ ያሳያል።” ዘርሁን አስፍው (1992፡120)*

Akka Yaada kana Afaan Oromootti hiiknee ‘mallattoon waan qabatamaa tokko yookiin dalagaa tokko akka nuuf ibsu jechuuf waan tokko bakka ittiin buusnuun ibsannuudha. Walumaagalatti malli dubbii kun karaa waan tokko bakka bu’ummaan ibsinuuti jechuu dandeenya. Yaadannoon (2014:90) ”*Dubbiin qolaa kana keessatti wanti tokko waan biraa bakka bu’ee mallatteessuun agarsiisuudha.*” Jechuun ibsa. Kana irraa akka hubannuu dandeenyutti malli dubbii kun mallattoon kan bakka bu’uu danda’uudha. Waan kana hubachuuf garuu, aadaa hwaasa sanaa beekuun baay’ee barbaachisaadha. Waan kana ilaalchisee Mulugeetaa Nagaasaa (2005:52) ”

*Uummanni muuxannoo dheeraa jireenya isaa keessatti dabarse irratti hundaa'ee waan tokko kallattiin kan hin ibsine jira. Kanaaf waan kallattiin hin ibsineef kan bakka bu'u uuma. Bakka bu'ins yookiin mallattoo waan tokkoo kan fudhateen immoo fakkoommii (symbols) jechuu dandeenya"* Jechuun ibsee jira. Akka asirraa hubachuu dandeenyutti fakkoommii jedhamee kan mooggafamu hiikkoo kan argatu, hubannoo kan goonfatu aadaa uummataa irratti hundaa'eeti. Fakkeenyaaf, Oromoo biratti' Odaan' waan baay'een bakka bu'a. Yoo uummata Oromoo biratti maqaa Odaa dhoofte tahee waan hedduutu sammuu isaa keessatti dhufa. Odaan galma araaraati. Odaan iddoo itti uummanni Oromoo itti waa'ee jireenya,waa'ee siyaasaa,waa'ee nageenya…itti mar'ataniiti. Kanaafuu, namni aadaa duudha hawaasa kanaa hinbeekne dubbii qolaa kanaatti itti fayyadamuu hin danda'u jechuudha. Gosa dubbii qolaa kanatti tajaajilamuuf aadaa duudhaa hawaasa sanaa beekuun murteessaa ta.a jechuudha.

### 2.3.8 Irra deddeebii

Mallii dubbii kanaa akkuma maqaa isaa irraa hubannutti jechoonni irra deddeebiin kan dubbatamuun ergaa dabarsuu barbaadame sana kan ittiin ibsataniidha. Kana ilaalchisee marsariitii irraa kan fudhatame yoo ilaalle. Yaadannoo (2014:89) yoo ibsu "*Fakkoon yemmuu gaalee hiikaan walfakkaatu irra deddeebi'uudha. Malli dubbii kuns walaloo Hibruu, Hindootaafi Ameerikaa keessatti bal'inaan kan mul'atuudh."* Dabalataanis yaada kana

*"ምስያ ዘይቤ አንድን ሀሳብ፣ ድርጊት፣ሁኔታ፣ ባህሪ ወይም ተፈጥሮ በባህሪም ሆነ በቅርጽ ተመሳሳይ ይሆናል ተብሎ የተገመተ ነገር አብሮ በማምጣት የፊተኛው የሆለኛውን ይበልጥ እንዲያጎላውና እንዲያደምቀው ለማድረግ የሚገባ ነው።"* ዘርሁን አስፍው (1992፡118)

Akka yaada kana irraa hubannuttis malli dubbii qolaa kun karaa waan ibsuu barbaanne tokko jechoota walgitaniin irra deddeebin itti fayyadamuun ergaan keenya sun akka caalaattti xiyyeeffannoo argatu taasisuuf jechaa jechoottaa uunkan walgitanitti fayyadamuun jechoota sana irra deddeebisuun itti gargaaramnee waan ibsuu barbaanne sana ittiin ibsina jechuudha.

### 2.3.9 Tuqsee

Malli dubbii kun immoo akkuma maqaa isarraa agarrutti seenaa maqaa dhahuun kan itti fayyadamuudha.Kana ilaalchisee toora intarneetii irraa kan fudhatame *"Tuqseen gosoota malleen dubbii keessaa isa tokkoo ta'ee waan tokko bakka wayii maqaa dhahuun akkasumas nama ta'ee waan biroo maqaa dhahuun akkataa seenaatiin dhiheessuuf kan gargaaruudha."*

Yaada kana deegaruudhaan Fedhasaa (2013:8) *“…Tuqxu-seenaan hojii hogbarruu keessatti waa’ee iddoo,namootaafi gochaa karaa mul’atuun yookiin alkallattiidhaan wabii godhatee xuquun hojiii biro keessatti kan agarsiisuudha.”* Jechuun ibseera. Akka asirraa hubannuutti xuqseen iddoo wayii maqaa dhahuun kan yaada isaa ittiin ibsataniidha. Dabalataanis seena tokko maqaa xuquudhaan waan yeroon sun keessa tureefi maal maal raawwachaa akka darbe karaa ittiin miidhagsee kan dhaggeeffatuuf ta’ee kan dubbisu sanaaf ittiin dabarsu akka ta’e hubachuun ni danda’ama.

### 2.3.10 Atee/Jedhii yaadi

Ateen malleen dubbii keessaa tokko ta’ee wanta nu bira hin jirre akka waan nu bira jiruutti yoo dhimma itti baanuudha. Kana ilaalchisee marsariitii irraa fudhatame ilaallee ‘Jedhii yaadiin’ waan nubira hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti itti gargaaramnuudha”Gosaa atee/jedhii yaadii kana ilaalchisee

*“በአጠገብ የሌለን ሰው ወይም ሰው ያልሆነ ነገር በቅርብ እንዳላ እንደሚሰማና መልስ እንደሚሰጥ በመቁጠር ጥያቄ በመጠየቅ፤በመማጠን፤በማወያየት፤በመውቀስ፤በማስተዛዘን ወይም በማሳሳቅ ላይ የሚመሰረት ዘይቤ ነው። ዘርሁን አስፍው (1992፡11)* Yaaduma kana yoo afaan oromoottiin ibsamu immoo, waan nubira hin jirre tokko namas ta’ee namaan ala kanneen ta’an akka waan nu bira jiranii nu dhaggeffachaa jiraniif deebii nu kennuu danda’anitti fudhachuun, gaaffii gaafaachuun, marii wajjiin taasiisuun, haasofsiisuun, qaaqsuun, gaddisiisuun yookin kofalchiisuun irratti hundaa’ee mala dubbii uumamuudha jedha. Akka asirra hubannutti wantoonni lubbuu qabaatanis tahee kanneen lubbuu hinqabne waliin gammachuu keenya, miidhaa keenya, abdii gara fuula duratti nu eeggachaa jiru, gochaalee dhala nama ta’ee uumamni biroo karaa beeknuun ta’ee karaa hin beekneen nurraan gahaa jiru, akkasumas, of duraaf nurra gahuuf jedhu sana akka feeneett yookaan dhoorkaa tokko malee waan yaada sammuu keenyaa keessatti nutti dhagahame tokko itti himachuuf haasa’a taasiisuun dhimma keenya malleen dubbii kanatti qabannee karaa ittiin waan garaa keenya keessa jiru ittiin dabarfannuu akka tahee hubachuu ni danda’ama.

## 2.4 Sirba

### 2.4.1 Maalummaa Sirbaa

Sirbi namoonnii dandeettii adaa ta'e qaban sagalee afaan isaanii keessaa bahu boca adda addaa ittii uumanii sagalee isaanii gadifi ol kaasuun miidhagina garmalee gonfaachiissuun nama isaan dhaggeeffatu sana offitti boji'uun osoo ajajaa wayiituu hin eeggatin dhaggeeffatan sun sagalee nama sirbuu sanaa dhaggeeffachuun akka waan deggarsa isa gafatanii sirba sana waliin akka ta'an kan taasiisuuudha. Sirbi sagalee kiilolee ta'een dhageeffataa isaa hawwachuun yaadaa fi qalbii isaa fudhatee akka sirba sana dhaggeefatu kan taasiisuudha. Dalagaa sagaleen yookiin sochii qamaa osoo nammatti hinbeeksisiin akka taasisaan nama tasiisuudha. Gochaafi sochii qaamaa waliin dabalamee yoo dhiyaatu kan nama bashannannisiisuudha. Sirbi kan jechootaa filatamoo ergaaciccimoo dabarsuu danda'uutti fayyadamuun sagaleen sirbamuudha. Kanamalees, sirbi meeshaalee muzuuqaatiifi sagalee miidhagaa ta'een yeroofi iddoo adda addaattii dhimma garaagaraatiif sirbaamuudha. Marsariitii irraa hiika sirbaaf kenname yoo fudhanne,*"the act or art of singing how to use song in a sentence."* jedha. Akka asirraa hubannutti sirbi ogommaa sagaleef gochaan walqabatu ta'uu nutti agarsiisa. Dabalataanis, *"A short metrical composition intended or adapted for singing, especially one in rhymed stanzas; Iyaric; a ballad"*. Akka asirraa hubannuttis, sirbi walaloo sagalee yeedaloo qabuun kan sirbamu ta'uu nutti mul'isa. Itti dabaluu akkana jedha *"A song is musical composition intended to be vocally performed by human voice."* Akka asirraa hubannutti sirbi kan ilmi namaa sagalee walsimannaa qabuun sirbamuudha. jedha. *"Music is there at every occasion…birth, marriage and even death."* jedha. Kun kan nu hubachiisu sirbi iddoo gammachuus ta'ee iddoo gaddaatti dhimma garaagaraatiif kan sirbamuu ta'uudha. Zawudeen (57-58*) "Namoonni yeroo gammachuus ta'ee yeroo gaddaa ni sirbu ykn. ni weellisu."* jedha. As irraayis wanti nu hubannu sirbi kan yeroo gammachuufi yeroo gaddaa sirbamu ta'uu isaati. Akka Oxiford English jedhutti. *"Informal, disapproving if you make a song and dance abou sth You complain or talk about it too much when this is not necessary"* jedha. Akka as irraa ilaalluutti sirbi kan sirbamuuf sochii qaamaa taasifamu gocha namaaf hin malle, yookiin hinfudhatamne yookaan sirrii hin taane kan ittiin ibsaniidha. Gocha namaaf hinmalle yoo jedhu wanta ilmi namaa ilma namaa irratti taasisu kan ittiin ibsataniidha. Sirbi sagalee miidhagina qabuun sochii qaamaa dabalatee kan yeroo

adda addaa wantoota garagaaratiif dhimma namarra gahuu danda’u jechuun gammachuu, gadda, jaalala, jibbaafi  dhiibbaa siyaasaa karaa dhoksaa ta’een kan ittiin dabarsaniidha.

## 2.4.2 Akaakuu Sirbaa

Sirbi akaakuu adda addaa qaba. Akaakuu sirbaa keessaa muraasa yoo fudhannee ilaale: sirba jaalala, sirba fuudhaa heerumaa, sirba booyichaa, sirba daa’immanii, sirba amantii, sirba gootaa, sirba qabsoo, sirba masqalaa, sirba tiksee, sirba foollee, sirba qaammeefi kkf fa’i. Kana ilaalchise marsariitii irraa kan fudhatame yoo ibsu akkana jedha. *“There are many genres of popular songs including torch songs, ballads novelty songs as well as indie music. Other commercial genres include ballads, lullabies, love songs, mourning songs, dance songs, work songs, ritual songs and many more*.” jedha .Kunis  kan nama hubachiisuu aakaakuu sirbootaa kunniin wantota garaagaraatiif sirbamu akka danda’u nutti agarsiisa. Wanta namatti dhagahame ittiin ibsachuuf sirbi kan sirbamu wantoota adda addaatiif haata’uu malee baayyinaan kan sirbamu miidhaa ilma namaa yeroo adda addaa irra gahaa ture ittiin ibsachuuf kan sirbamuudha. Kana ilaalchisee  toora intarneet irraa kan fudhatamee akkana jedha.*“… Music influences political movements and rituals it is not clear how or to what extent general audiences relate to music on political level.”* jedha. Sirboonni kunniin  kan sirbaman yeroo fi iddoo itti sirbaman qabu. Kanaafu, sirbi akakuu adda addaa qabachuu isaa hubachuun nidandama’a.

### 2.4.2.1 Sirba Jaalalaa.

Sirbi Jaalalaa jechuu kan namoonni wantoota jaalataniif jechuun uumama,biyya, harmee, abbaa, hiriyaafi kkf sirbamuun jechuun nidanda’ama. Sagaleedhaan  yaadaafi jaalala qaban akkasumas, waan hawwaniifi waan hinfeenees, waan itti dhagahamu mara dandeettii qaban kanatti fayyadamuun  sagalee garaa nama raasuu danda’uun jaalalaafi yaada qaban sana ibsuuf kan itti tajaajilamaniidha. Sirba jaalalaatti qabatanii waan yaadan waan dabarfachuu barbaadan sana ittiin dabarfachuu yoo danda’anillee sirbi jaalalaa akkuma maqaa isaa irraa hubannutti waa’ee jaalalaa kan ibsuu ta’uu isaa maquma isaarraa hubachuun ni dandeenya.

### 2.4.2.2 Sirba Fuudhaafi Heerumaa.

Sirbi fuudhaafi Heerumaa jechuun sirba guyyaa fuudhaafi heerumaa sun itti kala’ee irraa kaasee wantootaa fuudhaafi heerumaan walqabatee maqaa kaasuun akkatuma barbaachisaa ta’een wanta gochuu qabaniifi gochuu hin qabnee, waan qunnamuu danda’u akkasumas, waan irraa of

eeggachuu qaban itti himuun waan fudhaa fi heerumaan walqabatu maqaa dhahun gammachuu guyyaa sana ibsuu itti makunn kan sirbamuudha.

#### 2.4.2.3 Sirba Booyichaa.

Sirbi booyichaa faallaa sirbaa fuudhaafi heerumaa ta’ee waa’ee namaa du’ee sana maqaa dhahuun gochaa inni yeroo lubbuun jiru keessatti dalage eeruun garummaafi yarooma inni qabu kaasuun itti fayyadama afaniitti fayyadamuun namoota isaa yookiin ishee jaalatan sana kan ittiin boochisuuf sirban yoo ta’uu as keessatti wantoonni hedduun darbuu danda’u. Eergaan darbuu garuu dandeettii nama sirba sana sirbu irratti kan hundaa’uudha. Kanaaf,itti fayyadama afaanii keessatti sirbi booyyichaa gahee mataa isaa qaba jechuu dandeenya.

#### 2.4.2.4 Sirba Daa’immanii.

Sirba Daa’immanii jechuun sirba daa’imman ittiin sossobuuf itti tajaajilamaniidha. Daa’imman yeroo bossuu ittiin sossobuuf ta’ee, akka hirribni qabuuf jecha haadha ta’ee guddistoonni karaa ittiin daa’imman ittin bashannansiisaniidha.

#### 2.4.2.5 Sirba Amantii.

Sirbi amantii sirba iddoofi yeroo mataa isaa ta’e qabu ta’ee innis akkuma gosoota sirba kaawwaanii jaalalaafi kabaja isaaf qaban akkasumas waan irra barbaadan waan irraa argatan itti himuun galata galchuuf sirba sirbamuudha.

#### 2.4.2.6 Sirba Gootaa

Itti fayyadamaa afaanii keessatti sirbi gootaa gochaa namni maqaan isaa dhahamee farfatamuu kun jechoota filatamoo onnee kakaasuu danda’uu waamuun kan ittin goota jajuuf gocha inni dalage maqaa dhahuun hamilee gootaa maqaa kallattumaan maqaa dhahuu kabajaafi jaalalaa isaa qaban ibsuun inni biro ammoo, sirba kana dhaggeeffatee akka hamilee argatu kan ittiin taasisan keessa tokko sirba gootaati.

#### 2.4.2.7 Sirba Qaammee.

Sirbi qaammee yeroo qaammeen geesse guyyaa sana ilaalchisee kan shamarran yaadafi fedhii qaban akkasumas, abdii qaban akkasumas wanta maatii isaan irraa dhaggeeffachuun argatan guyyaa sanaan walqabsiisuun ittin yaada qaban ittiin ibsataniidha Sirbi qaamee itti fayyadama afaanii keessa tokko ta’ee malleen dubbii ergaa ciccimoo dabarsa kan of keessaa qaban ta’uu isaa hubachuun ni danda’ama.

#### 2.4.2.8 Sirba Masqalaa.

Sirbi Masqalaa guyyaa ayyaana masiqalaatiin walqabatee itti fayyadama afaanii keessatti walaloo maergaa cimaa dabarsuu danda'an qabatanii wantoota adda addaa kan guyyaa sanaan walqabatu maqaa dhahuun kadhannaa, hawwii fedhii, abdiifi kkf.maqaa dhahuun sirba sirbamuudha.

#### 2.4.2.9 Sirba Tiksee.

Sirbi Tiksee sirba eegumsa looniitiin walqabatu yoo ta'ellee tikseen sirba isaaniitiin waan ta'aa jiru, waan fulduratti ta'uuf jedhu itti fayyadama afaanii kanatti qabatanii waan isaanitti dhagahamu hunda kan ittiin ibsataniidha. Kanaaf sirbi tiksee kan ijoolleen yookiin namoon horii eeguu irratti bobba'an loon sana jajuun walqabatee ergaa dabalataa itiin aguuguun sirba sirbamuudha.

#### 2.4.2.10 Sirba Foollee.

Sirbi foollee gochaa fi dalaga foolleen walqabaturratti hundaa'uun abbaa qophii qopheesse irraa kaasee namoota waan san irratti hirmaatan maqaa dhahuun jajuun arabsuun qeequun sirba sirbamuudhaSirba foollee sirboota biro irraa wanti adda isaa taasiisuu ittii fayyadama afaanii keessatti wanta ibsuu barbaadan jechuun qeequu,jajuu,arrabsuu,eebbisuu,abaaruufi kkf.yoo sirbaan ibsan qaanii tokko malee safuu hawaasaa osoo hin eegin akka barbaadanitti ergaa dabarsuu barbaadan sana ittiin kan dabarfatan yoo ta'an itti fayyadama malleen dubbii sirba kana keessatti fayadaman ciminni isaa kan ibsamu nama sirba dhiyeessuu sana irratti hunda'a.

#### 2.4.2.11 Sirba Mararoo Durbaa

Sirba mararoo dubaraa keessattis afaaniitti fayyadamuun wanta dubartii qunnamu danda'u karaa adda addaatiin wan waliif dabarsan qabu.obboleettiin yoo obboleessatti dhaamsa itti dhaamattu osoo ilaallee,"…garaa ayyii Kaamiyyoo mari'maan naraafamee, mari'maan kan jaalalaa, nyaaphi sanuu na malaala.' (Maddi afoola oromoo akka adde Gishuu Gadaa irraa akkan fudhadheetti) akka asirraa hubannuutti sirba mararoo dubaraa kana keessatti kan hubannu yoo obboleettiin obboleessa isheetiif kan maqaan isaa Kamiyyoo jedhamuuf garaan ishee isa irraa adda bahu isheetiif mari'imaan ishee yoo raafamu waljaalala isaanii kanatti diinni yoo maalalu yookiin itti miqqanu ibsiitiif. Fayyadama afaanii sirba mararoo keessattis ergaa adda addaa dabarsuun akka danda'amu hubachuun ni danda'ama

### 2.4.2.12 Sirba Qabsoo

Biyya hedduu keessatti qabsoon wayitaa gaggeeffamu namoonni dhiibbaa isaanirra gahaa ture kan ittiin dabarfatan yookin ittiin ibsatan keessaa tokko sirba qabsooti. Sirbi qabsoo ifaan ifatti srbuu fi wantoota adda addaatiin agugaanii sirbuun rakkoo fi miidhaa isaan qaqqabaa ture,qaqqabaa jirufi qaqqabuuf tahu kan ittiin ibsatan sirba qabsooti. Sirbi yoo sirbamu kallattumaan matadureen sirba qabsooti jedhamee kennamee osoo hin taane sirba jaalalaa fakkeessuun wantoota garaagaraatti jechuun uumamatti, mukatti, namattifi kkf.qabachuun kan sirbamuudha. Fakkeenyaaf sirba Oromoon bara durii sirbaa ture osoo fudhanne ilaallee sa'a bifti isaa burree ta'etti qabachuun yoo ergaa waliif dabarsuuf sirba sirbu agarra.Burree yaa gadidduu, Booseen maa si elmettii dhiitteehin didduu. ( maddi afoola Oromoo ) Namoonni yeroo sanatti sirba 'sa'a burreetti'qabaachuun sa'ichaan dubartiin qulqullina ishee hin eegganne yookiin kaameetti kan hin taane maaliif callistee aannan fedhii kee malee si elmatti jechuun sa'a isaaniif sirban didii ofirraa diitii jedhanii waan itti himan fakkaata. Garuu,namootaa yeroo sana rakkoon irraa gahaa tureef akka finchilan akka didaan maaliif namoonnihumnaan yookiin aangoo isaaniitiin fedhii kee malee maaliif stti tajaajilamu jechun karaa nama aja'iibuun namootaaf ergaa isaanii waliif afoolatti fayyadamuun waliif dabarsaa turan. Kanaaf sirba qabsoo wayita sirban wayitti qabachuun karaa dhoksaa taheen waan barbaadan sana waliif dabarsaa akka turan afoola kana irraa hubachuun ni danda'ama. Sirbi qabsoo hawaasni akka qbsaa'u gochuu keessatti gahee akkamii akka qabu namatti agarsiisa. Kanaaf, sirbi qabsoo eragaa dabarsuu irratti humnii inni qabu baayyee olanaadha.

## 2.3.3 Barbaachisummaa Sirbaa

Sirbi wantoota hedduuf barbaachisa. Sirbi wantoota barbaachisu keessa muraasni gammachuu ittiin ibsachuuf, gadda ittiin ibsachuuf, ijoollee ittiin sossobuuf, ergaa ittiin dabarfachuuf, jaalala ittiin ibsachuuf, hojii ittiin hojjachuuf, siyaassa ittiin gaggeesuufi qabsoo ittiin qabsaa'uuf barbaachisa. Kana ilaalchise marsariitii irraa fudhatame akkana jedha. " *Asong is a composition made up of lyrics and music, with the intent of the lyric being sung, for the purpose of producing a proportionate feeling or emotion in relation to a particular matter.* "jedha. Sirba jechuun walitti hidhinsa yedaloo fi walaloo fedhii wanta nama tokkotti dhagahame kan ittiin ibsatuudha. Asirra kan hubannu sirbi kan namoonni wantoota garagaraatiif akka sirbamu nutti mul'isa Nagariin: (1995:1) "… *sirbi gootaa, sirba daboo,sirba jaalalaa,sirba cidhaa fi kkf.fa'i.*" jedha.

Zawudeen (2001:57) *"…sirbi gosa afoola bal'inaan faayidaa irra ooluudha.Namoonni yeroo gammachuus tahee yeroo gaddaa ni weellisu."* jedha. As irraa akka hubannuutti sirbi yeroo garaagaraa sbaba garaagaraatiif akka sirbamu nutti mul'isa Sirbi gammachuu, gadda, jaalala, jibba, dhiibbaasiyaasaa, deeggarsa siyaasaafi haccuuccaa namarra gahuu hinmalle yoo namarraan gahaan sirbattti fayyadamuun kan ittiin ibsataniidha. Dabalataanis, ergaa dhoksaan dabarfachuu barbaadan ittiin waliif dabarsaniidha jechuun ni danda'ama.

## 2.5 Fayyadama Afaanii

### 2.5.1 Maalummaa Fayyadama Afaanii

Fayyadama afaanii jechuun afaaniitti fayyadamuun odeeffanno barbaachisaa ta'e karaa nama hin nuffisisneen waliif dabarsaniidha. Fayyadama afaanii keessatti namoonni wantoota adda addaatti qabachuun ergaa dabarsuu barbaadan sana haala salphaa ta,een yookiin karaa namaa galuu danda'uun waliif dabarsaniidha Fayyadamni afaanii kun kanneen akka tapha ijjoollee, oduu durii, mammaaksa, hibboo,faaruu loonii,walaloo, geerarsa, sirbaafi kkf. keessatti fayyadamuun ergaa ittiin dabarsannuudha. Addunyaan ( 2018:208) yoo ibsu " *…fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokkoo nama hubachiisaniidha.''* Jechuun ibsa. Fayyadama afaanii jechuun afaniitti fayyadamuun odeeffannoo karaa namaa galuu danda'uun afaannitt tajaajilamuun yaada qaban waliif ittiin dabarsaniidha.

Fayyadamni Afaanii karaa adda addaa dhimma itti bahamuu dandeenya. Kunis jiruu jireenya namootaa kessatti waan nama qunamuu danda'u karaa salphaa ta'een waliif kan ibsaniidha. Fakkeenyaaf waliin dubbii namoota gidduutti, iddoo hojiitti, iddoo bashannaanaatti namoota walitti bu'an arraarsu keessattii jaalala waliif qaban waliif ibsuu keessatti, mana barnootaa, barnoota dabarsuu keessatti itti tajaajilaamuu dandeenya.

### 2.5.2 Aakaakuu Fayyadama Afaanii

Akakuun fayyadama afaanii namoonni walii galtee karaa adda addaa tasisaan kessatti kan dhimma itti bahaniidha. Fayyadamni afaanii kun akakuu adda addaa of keessaa qaba. Akaakuun fayyadama afaanii keessaa muraasa yoo fudhanne ilaallee: mammaaksa keessatti, odu durii keessatti, sirba keessatti, tapha ijoollee keessatti, walaloo keessatti, jechama keessatti, ciigoo keessatti, booyicha keessatti fi kkf keessatti tajaajilamuun ergaa darbuu barbaadame sana waliif dabarsaniidha.

### 2.5.3 Haallan Fayyadama afaanii .

Haallan fayyadama afaanii keessaa tokko mammaaksa. Mammaksi akkuma beekamu dubbii fidee dubbiis fixa jedhama. Kanaafuu, mammaaksi waliin dubbii keessatti karaa adda addaatiin ergaa barbaadame sana dabarsuu danda’a. Haalli fayyadama afaani mammaksa keessatti yoo fudhannee ilaalle mammaaksi dubbii keessatti dhimma itti bahama .Mammaaksa Oromoo tokko osoo fudhannee ilaalle “Namichii kun manaa baala alaa gaala.” Jechuun waayee maalummaa nama sana nama waayee isaa hin beekneef namichi yoo alatti gadi bahu nama guddaa of fakkeessa garuu, mana issatti akka alattii of mul’isu sana osoo hin taane faallaa isaa ta’uu isaa kan manatti kabaja hinqabne akka ta’e himu. Kun immoo karaa afaaniin dhalootaa gara dhalootaa kan darbuudha. Kana ilaalchisee Addunyaan (2018:189)*’’Mammaaksii akkuma akaakuu afoolaa kanneen biroo dhaloota dhalootatti afaaniin darba.’’* Jechuun ibsa. Haalli fayyadama afaani akkuma mammaaksa keessatti ibsuuf ilaallee kanatti kanneen akka oduu durii, sirba jaalalaa, sirba qabsoo, sirba booyyicha, sirba hojiifi kkf. keessattii tajaajiluu wantooota adda addaa nama qunnaman hunda karaa namaa galuu danada’uun ergaa qaban waliif dabarsu.

### 2.5.4 Barbaachisummaa Fayyadama Afaanii

Barbaachisummaa fayyadama afaanii yoo ilaalle ammo afaanitti fayyadamuun ergaa waliif dabarsuuf wantoota haalaan nu barbaachisan kessaa tokko itti fayyadama afaaniiti. Barbaachisummaan isaas waan dabarsuu barbaanne tokko karaa nama galuu danda’uun nama bashannansiisaa ergaa dabarsuu barbaadan wliif dabarsu. Mucaa gowwaa ta’e tokko akka inni gamna ta’uuf qamalee fi bineensa biroo walbira qabuun wanta bineensonni sun raawwatan itti himu. Kun immoo barbaachisummaan fayyadama afaanii qabu nutti agarsiisa. Afaan barsiisuu keessatti gaheen fayyadamni afaanii qabu baayy’ee guddaadha. Afaaniitti fayyadamuu kan nu barbaachiisuuf gammachuu fi gadda, jaalalaafi jibba, argachuufi dhabuu, dhalachuufi du’uu wkf.ittiin waliif dabarsuuf barbaachisummaan afaanii isa ol’aanaadha.

## 2.6 Fayyadama Afaanii sirba keessatti

### 2.6.1 Fayyadama afaanii sirba jalaala keessatti

Fayyadama Afaanii sirba jalaala keessatti yoo ilaalle namoonni hamma lafa kanarra jiraatanitti bu’aa bahii adda addaa dhimmoota garaagaraa keessa darbuun waanuma ilma namaa qunnamuudha. Qunnama kana immoo sirbatti fayyadamuun gadda, gammachuu, jibba, jaalala,

cunqursaa, kunuunsafi kkf. ittiin waliif dabarsu. Sirbi jaalalaa kan jaala irratti hunda’uun qofa sirbamuudha. Haata’u malee namoonni sirba keessatti jalaala fakkeessanii waan walii dabarsuu barbaadan sana bayyinaan walii dabarsuun beekamadha. Sirba Haacaaluu Hundeessaa’…yaa galoo too’ jedhee kan sirbe kana yoo ilaalle nama sirba kana dhaggeeffatuuf waayee muccayyoo maqaan ishee Galaanee jedhamtuu waan sirbu fakkaata, garuu,ergaa isaa yoo ilaallu immoo, waayee hawwasa oromoo Fifinnee keessaa buqqa’anii kessattuu kan gosti isaanii ‘Galaan’ jedhaman irratti raawwatamaa ture sirba jalaala fakkeesse akkaataa gammachiisaaa ta’een ergaa dabarsuu barbaade sana dabarsa. Wanti asirraa hubannu fayyadama afaanii keessatti gahee sirbi argamsiisuu danda’u nu hubachiisa.

### 2.6.2 Fayyadama Afaanii Sirba Qabsoo Keessatti

Fayyadama afaanii sirba qabsoo keessatti yoo fudhannee ilaalle namoonni jaalala, jibba, gammachuu, dhiibbaa siyaasafi kkf.sirbatti fayyadamuun wan dabarsuu barbadaan haala nama hin nuffisiisneen ergaa waliif dabarfatu. Sirbi qabsoo bara jireenyi lafa kanaa sababa namoonni taayitaa qaban taayitaa sanatti fayyadamuun nama kan biroorratti miidhaa geessisan sirba jaalalaa fakkeessuun wantoota adda addaatti qabatanii ergaa barbadan waliif dabarsu. Sirbi immoo gurra nama hunda bira gahuu irratti iddoo olaanaa qaba. Sirbi qabsoo faayidaa inni kennu keessa tokko ergaa darbu qabu sana saffisaan gurra dhaggeefataa bira akka gahu taasisa. Eergaan dhaggeeffataa bira gahuun yeroo gababaa keessatti namoota hedduu bira gahun isaa immoo dhamsa dabarsuu barbaade sana saffiissan dabarsuu barbaade sana ta’e qabsoo cimsuu keessatti gahee gudda qaba. Kanaafuu,qorrattichi, mata duree Malleen Dubbii walaloo Sirboota Jaamboo Jootee filataman keessatti jiran irratti qo’annoo gaggeessuuf mataduree kana filatee qorannoo gaggeessee jira.

## 2.7 Barruu Walfakkii

Qorattoonni yeroo adda adda qo’annoo adda addaa mata duree garaa garaa irratti gaggeessa turan ammas gaggeessa jiru.Kanumarraa ka’uun qorannoowwan kanaan walfakkatan hedduun isaanii jiraataniyyuu qorattichii qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaba jedhee kan yaade barruu hedduu jiran keessaa muraasa as jalatti kan qo’annoo kanaan walfakkii qaban jedhee yaade akka armaan gadii kanatti xiinxalamaniiru.

Ibsaa Adduunyaa (2016) mata dureen ’’Qaacceessa itti fayyadama malleen dubbii ogwalaloo Anaan’yaa keessatti’’ Sadarkaa ulaagaa MA tti kan gaggeeffameedha. Qoa’nnoon kun wanti

isaan walfakkeessu lamanuu malleen dubbii irrattii kan gaggeeffamu ta'uu isaati. Garaagarummaan isaanii immoo inni Ibsaa Adduunyaa qo'ate, Itti fayyadama malleen dubbii kitaba Anaan'yaa irratti yoo ta'u qorattichi immoo, Malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee filataman keessatti jiran irrattikan xiyyeefatuudha. Inni biro ammo Maammoo Badhaasaa (2009/2017/Matadureen " Qaaccessa qabiyyeefi unka weedduu Arrabsoo Durbaa sirna Naqatanii Fuudhuu Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Haaruu"Keessatti kan gaggeeffamuu yoo ta'u walfakkeeny qorannoo kanneenii lamanuu sagaleen sirbamuun isanii tokko isaan taasise kan qoratticha malleen Dubbii walaloo sirboota weellissaa Jaamboo Jootee filataman keessatti irratti yoo ta'u kan Maammoo Badhaasaa Unka weedduu Arabsoo durbaa of keessaa qabu waan ta'eef sagaleefi sochi qama qabachuu isatiin wal issan fakkeessa. Garaagarummaan isaanii immoo kan Maammoo Badhasaa Weedduu Arabsoo durbaa sirna Naqatanii Fuudhuu yoo ta'u kan qoratticha immoo Malleen dubbii walalooSirboota weellisaa Jaamboo Jootee filataman irratti ta'u isaati.

## 2.8 Yaaxxina Qorannichaa

Yaaxxina qorannoo itti fayyadama afaanii kun akka afaaniitti fayyadamuun dhimma barbaadan sana nama barbaadaniif gahuun akka walqabatan Afaanii fi afoolla adda baasuun rakkisaadha. Yaxxinna (theory)afoola yoo jedhamu yaaxxinni qorannoo afaanii baayyeen yoo jiraatu qorannoo kanaan kan walitti dhufeenya qabu Yaaxxina qaacceessa xiinsammuu (pychoanlysis) tiin ilaalamuu ni danda'a. Yaaxxinni kun akaakuuwwan hogbarruu adda addaa kan ta'an ogwalaloo diraamaafi raagoowwan qorachuuf tajaajila kennaa tureera. Yaaxxinni kun qorannoo afoolaa xiinsammuu hawaasaa itti fayyadameen jiruufi jireenya isaanii keessatti rakkoo ittiin furuuf gammachuu ittiin ibsachuuf ,qabsoo ittiin qabsaa'uuf, kkf.ittiin dabarsuufi irra deddeebiin waan dhimma itti bahaniif ammaleeffatu. keessatti kan xiinxaluuf yaaxina fayyadamaan ilaallamuu danda'a. Kanaafuu, namoonni gosa afoolaa keessaa tokko kan ta'e sirbatti fayyadamuun bu'aa isaa irratti fulleeffachuun akka dhimma itti bahan akkasumas, bu'aa inni qabu akka qo'atan taasisa. Wixineen kun gama Yaaxina sammuu (psychoanalytical theory) ilaallamuu ni danda'ama. Yaaxinni kun qorannoo afoolaa xiinsammuu hawaasa itti fayyadamuun ba'aa bahii lafa kanarraatti nama qunnamu qunnamuu danda'u kana keessatti rakkoo ittiin furuuf, gammachuu ittiin ibsachuuf, gadda ittiin ibsachuuf, qabsoo ittiin gaggeessuufi kkf.ittiin dabarsaa waan turaniif irra deddeebiin waan dhimma itti bahaniif amaleefatu. Qorataan kunis

malleen dubbii sirboota Jaamboo Jootee filataman keessatti argaman irratti bu’uureeffachuun akkamitti malleen dubbii walaloo sirbaa kanatti fayyadamee ergaa akkamii fa’i  ittiin dabarsuu akka barbaadde ka’umsa godhachuun waan xiinxalameef yaaxxina kana bu’uura taasifatee jira.

# BOQONAA SADI:SAXAXAA FI XIINMALA QORANNICHAA

## 3.1 Seensa

Boqonnaa kana jalatti malleen qorannoo ittiin gaggeeffamu kan itti ibsamuudha. Qorannoo kun mataduree malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee filataman irratt kan bu’uureeffatu yoo ta’u malleen dubbii walaloo sirba kana keessatti mala akkamiin akka odeeffannoon funaannaman kanittti ibsamuu yoo ta’u, akkasumas, iddattoowwam kunniin akkamiitti funaanname, dabalataanis haala kamiin akka filataman, mala kamiin odeeffannoon kunniin akka qaacceeffaman waliduraa duubaan kan dhiyaatuudha.

## 3.2 Saxaxaa Qarannichaa

,Qorannoo kun malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee filataman xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatuu yoo ta’u qorattichi qorannoo kanas,mala qorannoo akkamtaatti dhimma itti bahee jira..Kana ilaalchisee Dastaan (2013:33). *Marietejjie fiMarieta (2001) waabeffachuun akkana jechuun ibsa ‘’qorannoon qulqullinaa gaggeessuuf oddeeffannoon kan funaannamu daawwannaa, af-gaaffii, dookumantii, sakatta’uuf meeshaalee dhag-argee (audio-visual materils) fayyadamuudha. Qorannoo qulqullinaa gaggeessuuf murteessadha’* jechuun ibsa. Qorattichis, haalumaa kanaan kaayyoo isaa irratti hundaa’uun malleen dubbii walaloo sirboota weellisaa Jaamboo Jootee sirbe keessaa sirboota filatamn arfan xiinxaluu irratti waan xiyyeeffatuuf, akkasumas, malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee filataman gadi faggeenyaa xiinxaluun dhaamsa inni dabarsuu eeruufiidha. Kanaaf, beekumsa dabalataa gumaachuuf osoo hintaane ergaa dhokataa ta’e ifa baasuun addeessuudhaaf yookiin akka bahee mul’atu taasiisuufiidha. Kana ilaalchisee Addunyaan (2011:20*).*

*”Qorannoo Hujoo(Applied Research)…Akaakuun qorannoo kanaa rakkoowwan hawaasaafi naannooo isaafi walqabatanii mul’ataniif furmaataa barbaaduu irratti xiyyeefata. Kana jechuun ammoo akka akaakuu qorannoo isa bu’uura yaaxxinna haaroomsu;qopheessu yookaan beekkumsa dabalurratti hin xiyyeefatu jechuudha.”*

jechuun ibsee jira. Akkuma asirraa hubannutti akaakuu qorannoo kanaatti fayyadamuun qorannoo kana gaggeessuun gaariidha..Kanas kan taheef mata dureen qorannoo kanaa malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee keessaa sirboota filataman arfan (4) xiinxaluudha..Kunis kan ta’uu danda’eef malli qorannoo akkamtaa ittiin gaggeeffamu lakkoofsaan osoo hin taane

gaaffii akkamitti ? Maaliif? Jedhu deebisuuf waan ta’eef gadi fageenyaan deebii kenna waan ta’eefiidha. Kana ilaalchisee Addunyaan (2011:20)

*“ …qorannoon hujoo kan caalaatti adda taasisuu gama hujummaa isaati. Kunis irraa caalaa rakkoo furuu irratti xiyyeeffachuu isaati.Adeemsaa rakkoo furuuf taasifamuu keessatti ibsu, dorgomsiisuufi morkisiisuu keessatttí, dhimmoota hawaasni dhimmaa itti bahaa jiru kanneen hidhata hawaasaafi aadaa socio-cultureal affair) qaban sakkata’uun dhiyeessuu mala.”*

Jedha. Asirra ka’uun qorannoon kun kan gaggeeffamuudha rakkoowaan gama diinagdee gama aadaa,gamaa qabeenya ofitti fayyadamuu dhabuu hawaasaa irra gahaa jiru malleen dubbii walaloo sirbootaa kanatti qabachuun ergaa dhokataa darbu barbaade kana baasee mul’isuuf kan gaggeeffameedha.

## 3.3 Xiinmala Qorannichaa

Qorannoon kun mala akkamtaatiin kan xiinxalameedha Malli qorannoon kun itti qaacceeffame akkamtaa akka ta’e jalqaba irratti ibsuuf yaallamee jira. Kunis qabiyyee irratti hundaa.uun qoqqooduun tokkoon tokkoon isaanii walbira qabuun xiinxalamanii jiru. Addunyaan (2011:60) *“Malleen qorannoo hujoof bu’uura ta’an keessaa inni tokko mala akkamtaati.Malli kun odeeffannoo aslii kan rakkoo qoratamu gadi faggeenyaan dhiyeessuun argannoof haala mijeessuuf humna qaban xiyyeeffata.Malli akkamtaa, haallii jiruufi jireenya hawaasichaa ykn amala hawaasa Sanaa akkataafi bifa inni qabuufi qabata isaa akkasumas,maal jechuu akka ta’e kan ittiin xiinxalamuudha.”*

Jedha. Akkuma asirraa hubachuu dandeenyu malli qorannoo kanaa mala akkamtaatti fayyadamuun mata duree isaa irraatti hundaa’uun wantootaa qorrannichaaf barbaachisan tooftaa qorannichaaf deeggarsa ta’an qorattichi itti fayyadamee jira. Qorannoon kun akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalameetti qorannoon akkana kun mala akkamtaatti waan bu’uureeffatuuf haala ibsaatiin kan qaacceeffameedha.Kunis kan inni itti qaacceeffame aadaa duudhaa muuxannoo jireenya hawaasaa keessa jiru akkasumas wantoota dhokataa ta’e malleen dubbii walaloo sirbootaa Kanaan aguuggamee darbe ifa baasuuf jecha gadi fageenyaan xinxalamanii jiru.

### 3.3.1 Irraawwatama

Qorannoon tokko yoo gaggeeffamu waan irratti gaggeeffamu qaba. Kanaafuu qorannoon kunis kan irratti gaggeeffamu 'Malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee filataman keessa sirboota arfan filatama irratti' yoo ta'u tooftaan itti filataman immoo iddatteessuu miti carraatiin.

### 3.3.2 Iddatteessuu

Qorannoo tokko gaggeessuuf iddattoo qoopheessuun barbaachiisadha. Kana ilaalchisee Addunyaan (2011:65)*"Qorataan tooftaa ammamtaas ta'ee akkamtatti gargaaramee odeeffannoo funaanuuf iddattoo filachuun hin oolu"* jedha akka asiraa hubannuutti qorannoo gaggeessuuf iddattoo qopheessuun barbaachisaa akka ta'e nu hubachiisa jechuudha. Yaaduma kana cimsuuf Dastaan (2013:132*) "Qorannoo gaggeessuuf yemmuu kaanu mataduree filachuu, barruu sakkatta'uu dabalatee kaayyoo qorannuuf qabaachuun akkuma jiru eenyuurratti kan jedhu gaaffii laayyoo miti."* jedha. Marsariitii irraa kan fudhatame yoo ilaalee "*The sample should be representative of the population to ensure that we can generalize the findings from the research sample to the population as awhole"* jedha. Akka as irraas hubannutti iddattoon jamaa jiru sana keessa akkata nuti iddattoo qorannoo keenyaaf nu barbaachisu sana itti filannuudha. Kanumarraa ka'uun sirboonni afaan Oromoo baay'inni isanii hangana jedhamee dubbatamuun hedduu hedduu rakkisaa ta'ullee qorattichi, sirboota hanga ammattii dhaggeeffachaa ture keessaa yeroo baayy'ee, yoo sagalee weellisaa Jaamboo Jootee dhagahu sababa hin beekkamneen miira adda ta'e wayii itti uumaa ture waan ta'eef akka sirba kaawwan keessaa osoo hin beekiin akka sirba kana irratti xiyyeeffatu taasiseera.

Sirboonni Jaamboo Jootee akka inni waliin dubbii Guyyaa 9, Ji'a 12 bara 2008 ALI. OMN. walii taasise irratti ibseetti sirboota kudha afur (14) yoo ta'u sirboota ani itti amanu garuu, sirboota kudha lama (12) qofa jechuun ibsee ture Sirboonni ani itti amanu yoo jedhu immoo, eergaa yookiin odeeffannoo ani naa dabarsu jedhee itti amanu sana haalaan akkasumas, akka gaariitti naa dabarsuu danda'u jedhee itti amanu jechuun kan ibseedha. Qorattichis sirboota kanneen keessaa sirboota afur fialatee jira. Sirboonni filatamanis, matadureen isaanii: Gooba Kormaa (2013), Gidiraa (2016), Raada Gaarree (2017) fi Belba (2018) kanneen jedhamaniidha. Sababiin qorattichi sirboota Jaamboo Jootee sirbe keessaa kanneen arfan itti filateef, sirboota jiran keessaa sirboonni kunneen ergaa siyaasdiinagdee hawaasaa haala yeroo irra jiru ibsuu irratti human cimaa qabu jedhee waan yaadeef akkasumas, aadaa, duudhaa hawaasaa irraa jireenyaan waan

ibsuuf, dabalatanis, kaayyoo qorattichaa galmaan ni gahu jedhee waan itti amaneef sirboota kanneen bara isaan bahan irraatti hundaa'uun (2013-2018) jiddutti bahan daangeessuun sirboota kanneen iddattoo qorannoo kanaaf iddatteessee jira. Kanas kan ta'eef, sirbii yeroo kana keessa walaloon sirbootaa kanneen keessatti argaman diinagdee hawaasaa, dhiibbaa hawaasa irraa gahaa jiru ibsuu waan danda'aniifi.Yaada asii olitti ibsame kana ilaalcisee Addunyaan (2011:67) yoo ibsu*"Iddatteessuu Akkayyoo (purposivesampling) akaakuun iddatteessuu mit-carraa kun qorataan beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda,u murteessuu ilaallata."* Jedha. Akkuma yaada kana irraa hubachun danda'amuutti qorrattichi sirboonni kunniin kaawwan irraa kaayyoo qabatee ka'e sana galmaan naaf gahu jedhee waan yaadeef sirboota jiran keessa kanneen irratti xiyyeeffachuun akka iddatteessu isa taasiisee jira.

Mallii itti fayyadamee sirboota kanneen filataman keessaa ragaalee itti funaanaman immoo,haala armaan gadii Kanaan kan dhiyaateedha.Adeemsa raga walitti qabuu keessatti sakatta'insa sirboota Jaamboo Jootee keessaa sirboota filataman arfan keessaa ragaan itti guurratame immoo, qorattichi duraan duursee erga sirba filate adda baafatee booda sirboota filataman tartiiba akka argatan qubee guddaa (A-D) duraa duuba bara sirbichi sun bahe jiddu galeessa godhachuun tartiiba qubee akka kennamuuf gochuun tartiiba laateefii jira. Qubee keennameef tartiiba isaanii waliin akka kanaa gadiitti ta'aniiru:

- Sirba matadureen isaa Gooba Kormaa (2013),(A) kennameef.
- Sirba matadureen isaa Gidiraa 2016),(B) kennameef
- Sirba matadureen isaa Raada Gaarree (2017),(C) kennameef akkasumas,
- Sirba matadureen isaa Belba (2018),(D) keennameef.

Erga akkanatti adda baasamanii booda haala armaa gadii kanattii ragaan walitti qabamaniiru. Sirba jalqabaa viidiyoo kiliippii sirba qeenxee isaa kan bara (2013) baase dhaaggeeffachuufi ilaaluun sirbicha haalaan dhaggeeffachuufi ilaaluun ragaan akka funaannamu ta'ee jira. Kana ilaalchisee Addunyaan (2011:71) yoo ibsu *"Qaacceessaa oddeeffannoo akkamtaa keessatti qopheeffachuun irra deddeebi'anii dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqooduu, ibsuufi hiikuun adeemsa qoratan tokko hordofuu qabu keessa warra muraasa."* Jechuun ibsee jira Dabalataan, *"dimshaashumatti Odeeffannoon akkamtaa daawwannaa, afgaaffii, hincaasseffamne xiinxala dokumantii, marii garee, xiyyeeffannootiin, funaannama*." Jechuun ibsee ture. Akkuma yaada

kana irraa hubannuutti walaloo sirba kana keessa jiru irra deddeebiin dhaggeeffachaa walaloo isaa barreeffachuun, haalli kun irra deddeebiin yeroo dheeraaf sirbicha wayita sirbamu jechoonni achi keessa jiran yookiin kan weellisan kun itti fayadame akka hubatamuuf jecha saffisa sirbichaa gadi xiqqeessuun iddoo jechoonni tokko tokko hubatamuu irratti rakkoo uuman tooftaa akkanaatti fayyadamuun  odeeffannoon walaloon sirboota kana keessatti dhiyaatan haala akkanaatiin dhaggeeffatamanii ragaaleen achi keessa jiran funnaannamuun yaadannoo irratti barreeffamaniiyaadanoo irrattiqabamanii jiru. Itti fufuun irra deddeebiin sirrummaan isaannii erag mirkana’ee booda walaloon kunneen  barreeffamanii jiru.

Haaluma Kanaan sirba mataduren isaa Gidiraa (2016) jedhu sirba baltokkee (qeenxee) baasee kanas haalaan dhaggeeffachuun walaloo isaa suuta irra deddeebi’uun dhaggeeffachuun jechoota inni itti fayyadame haalaan qabachuun raga achii keessa jiruu gurraattee jira Dabalataanis, isa barreeffame kana sirba isaa dhaggeeffachaa iddoo barreeffama irratti yoo walalicha fudhatu doggongorrii jiratee illee irra deebi’iin sireessuun ragaan kun akka qopheessaan sirbichaa ka’eetti irraa funaannamuu danda’ee jira.

Akkuma Kanaan walaloo sirbaa sirboota isaa mata dureen isaanii Raada Gaarree (2017) fi Belba (2018) keessatti dhiyaatan hunda akkuma sirboota isaan duraa kanatti tokkoon tokkoo isaanii dhaggeeffachuufi ilaaluun sassaabamanii iddatteessuuf  akka mijatan ta’anii jiru.

### 3.3.3 Meeshaalee funaansa ragaalee

Qorannoo tokko gaggeessuuf wantoota barbaachisan keessa inni tokko meeshaaleen funaansa ragaalee jiraachuun isaa beekuun barbaachisaadha. Kanaafuu, Qorannoo gaggeessuuf odeeffannoofi meeshaa odeeffannoo ittiin funaannamu jiraachuun beekkamaadha. Kana ilaalchisee Addunyaan (2011:64)

> *”Odeeffannoo tokkoo gaggeessuuf odeeffannoon funaannamu qaba. Odeeffannoon kun ammoo, meeshaaleen ittiin funaannaman murteessisu. Odeeffannoon lakkoofsaan  ibsamaniifi jechaan ibsamaniif meeshaan isaan ittiin funannaaman garagara. Odeeffannoo gaaffii ‘Aakkam?’ ‘Akkammitti?’ jedhan deebsu af-gaaffii hincaaseeffamne, marii gareee, xiyyeeffannoo, daawwaannaa, dokumantii garaararaa xiinxaluuf kkf. gaggeessuun funaannama.*”

Jechuun ibsa. Akkuma asirraa hubannutti qorannoo gaggeessina yoo jenne meeshaalee funaansa ragaalee qabaachuu qabna jechuudha.Kanaafuu, qorattichi qorannoo kana gaggeessuuf meeshaalee funaansa ragaalee keessaa daawwannaa dokumantii taasiisuun. Dabalataanis Qoratichi iddattoo isaas iddatteessuu akkayyootti kan fayyadamu ta'a. Kunis kan ta'uuf qorattichi tooftaa akkamtaatti fayyadamuun kaayyoo qorannoo irratti hunda'uun kan gaggeeffamuudha.

### 3.3.4 Mala Qacceessa Ragaalee

Malli qacceessa ragaalee qorannoo tokkoo mala akkamtaafi mala hammamtaa qaba. Qorattichis mala kana keessaa mala akkamtaatti kan fayyadamu ta'a. Qabiyyeeirratti hundaa'uun qoqqooduun tokkoon tokkoon isaanii walbira qabuun yaada ilaacha aadaa muuxannoo jireenyaa akkasumas waan dhokataa malleen dubbii walaloo sirbaa Kanaan aguuggamee darbe iffatti baasuuf jecha gadi fageenyaan qaacceeffamanii jiru. Kanamalees,qoqqoodinni isaas,dura sirboonni matadureen qoqqoodaman,itti aanuun gosoota malleen dubbii erga adda baafatamanii isaan jalatti malleen dubbii sanatti walaloo kamtu achi jalatti akka galu qoqqooduun qacceeffamanii jiru. Sababiin isaas,qorattichi malleen dubbii sirba Jaamboo Jootee filataman keessa akkaataa malleen isaaniitii addaan qoqqooduun kan qaacceeffameedha. Malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee sirbe keessaa sirboota filatama irrattiidha. Ragaalee funannaman irratti xiyyeeffachuun kan qacceeffamuudha.

# BOQONNAA AFUR:DHIYEESSAAFI XINXAALA RAGAALEE.

## 4.1 Seensa

Xiyyeeffannoo qorannoo kanaa malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee filataman keessa odeeffannoowwan qorannoo kanaaf tajaajilan boqonnaa kana keessatti argaman karaa adda addaatiin ibsa barbaachisaa waliin qaacceeffamaniiru.Odeeffannoowwan qaacceeffaman kunniin immoo, malleen dubbii walaloo kam kam keessaatti kanneen argaman tokkoon tokkoon qaacceeffamuun kan dhiyaataniidha.

Ragaaleen mala akkamtaatiin dhag-argeen funnaannaman kunniin tokkoon tokkoon isaanii malleewwan dubbii walaloo weellisaa kana keessatti argaman gosoota malleen dubbii kam kam akka itti fayyadamee sirba mata duree kam keessatti malleen dubbii kam baayyinaan akka itti fayyadamee tarreeffamanii jiru. Akkasumas,ergaawwan malleen dubbii walaloo sirboota jaamboo Jootee filataman keessatti jiran addan bahuun mataduree adda addaa jalatti qoqqoodamanii adda bahanii jiru.Kanamalees,malleen dubbii walaloo Jaamboo Jootee filataman keessatti baayyinaan gosoota malee dubbii itti fayyadamee sirboota filataman keessa mataduree tokkoon adda bahanii fakkeenya isaanii waliin eeramaniiru. Dabalataanis, malleen dubbii baayinaan fayyadamuun isaa dhiibbaa yookiin bu’aa maal akka fiduu danda’u kan xiinxalameedha. Walumaagalatti mallen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jooteekan matadureen isaan Gooba Kormaa, Gidiraa, Raada Gaarreefi Belba jedhaman akka kanaa gadiitti xiinxalamanii jiru.

## 4.2 Malleen dubbii wallaloo sirboota filataman keessati

Malli kanaa wanta ijaan hin mul’annee yookaan hin argamne tokko waan ijaan mui’atuun yookaan argamuun bakka buusuu agarsiisuu ta’uu isaa boqonnaa darbe keessatti ibsuuf yaalame ture.Amma immoo tokkoon tokkoon sirboota filatamanii keessaatti Mallii dubbii qolaa kunniin akka armaan gadiitti kan qaacceeffaman ta’u. Sirba mata dureen isaa Gooba kormaa jedhamu keessa kan fudhatame yoo fudhannee ilaalle.

(a) Nan nahaa ! Hin taane hamma yoonaa !
Qonnee diina soorraa gubannee akkam goonaa ?
Lammumaa ofiiti walii gaaddisnii
Waanumaa hireeti humnii!
Lakkii alagaaf nu kenniinii !

As keessatti sirba mata duree isaa Gooba kormaa jedhu keessaatti dubbiin qolaa Atee/Jedhii Yaadi kan jedhuutti dhimma itti bahee jira. As keessatti yoo nama wayiitti dubbatu akka jiruun itti ulfaate Qotee diina akka sooruu ofii isaatiif bu'aa wayii argachaa akka hin jirre baayyee akka hubamaa jiru. Yoo dubba tu nutti agarsiisa. Kana ta'uu irraa nu'umti wal deeggaruun walcimsuun diina offirraa qolachuu qabna ofii walbasaasuun diinaaf walkeennuun bu'aa akka hin qabne waldeeggaruun human walii taana jabachuu akka qabnu yoo dubbatu agarra kanaafuu, Atee/Jedhii yaadiitti fayyadamee jira jechuudha.

(a)

Lakkii yaa jiruu too?
Lakkii yaa buddeenaa ?
Lakkii yaa garaa koo ?
Maalumaaf godaannaa ?
Harkuumaan walqabna !
Harkuumaan walyaamnaa!
Afaaniin waltaanaa !
Afaaniin waltaanaa!
Bilisummaa kaafnaa !
Afaaniin waltaanaa.

Sirbi kun sirba Jaamboo Jootee mata dureen isaa gooba kormaa jedhu keessa kan fudhatame yoo ta'u mallii dubbii inni itti fayyadame Atee/ Jedhiyaadiitti fayyadamee jira Kunis,sirba kana keessaatti 'Lakkii yaa jiruu too' jedhee yoo jiruutti dubbatu agarra kun immoo atee ta'uu nutti mul'isa.Jireenyi immoo bu'aa hedduuu qabdi ifaajee gaaffatti. Akkasumas, 'Lakkii yaa buddeenaa?' JIraachuuf buddeenni barbaachiissaadha.Jiruuuf nyaachuu nama barbaachiisa. Ammas, yoo garaatti dubbatu ni agarra. Walummaagalatti sirba kana keessaa akka hubannuutti weellisaan kun mala dubbii qolaa kanaatti fayyadamuun ergaa dabarsuu barbaade dabarfachuu yaalee jira.Sababaa miidhaanan hawaasa irra gahaa jiru ibsuu yaaleera kunis yoo biyyaa irratti dhalatee guddatee irratti jiraachuu dadhabee jiruun itti ulfaatee biyya alaatti goodanuunii miidhaan irra gahuu kun immoo sirri akka hin taane kanarraa, waligallee, walhubannee, bilisummaa argachuuf jabaannee tokkummaa keenya cimsuu akka qabnu ergaa isaa dabarfatee jira

Sirba mata dureen isaa ' Gooba Kormaa' jedhu keessaa kan fudhatame akkana jedha.

(a) Yaa samii maa boochaa ?
Si namaa keenneetti !
Yaa dachee maa boossaa ?
Atis yoo dur kootii !
Xuxxuqaatu na kaasee !
Amma naa gamteetii !
Hin rafuu nan kaadha !
Mee bulloon fe’adha !
Hamma hooman gubadhaa !
Akkamiin dachee too !
Anis silaa maal haa ta’uu ?
Yookaan tiyya taataa !
Yookaan sin aa nyaataa.

Sirba Weellisaa Jaamboo Jootee mata dureen isaaa ‘Gooba Kormaa’jedhee sirbe kana yoo ilaalle sirba qabsoo kana keessatti Atee/ Jedhiiyaaditti dhimma itti bahee jira.Kunis,Yoo samiitti haasa’u ni mul’ata. Kanas yoo akkana jechuun sirbu agarra.

’Yaa samii maa boochaa?’

‘Yaa dachee maa boochaa?’

Jedhee itti dubbatu nutti agarsiisa.Ati silaa yaa dachee nana osoo tiyyaa taatee jirtuu ani garuu si dhabee jiraa kun immoo, seera maleedha. Akkanaatti jiraachuu hin danda’u yookaan anatuu du’ee biyyoo ta’aa yookaan immoo waan kanfaluu qabu kanfalee tiyya taasiffachuun qaba malee humnaan si dhabee jiraachuu hin danda’u jechuun yoo ergaa dabarfachuu barbaadu sana karaa Kanaan dabarfatu nutti agarsiisa.

Sirba matadureen Gooba Kormaa jedhu keessaatti Atee/Jedhiyaadiitti yoo fayyadamu

(a) Daamaa Bulloo !
Walii jeenneetuma bullaa !
Maa wal-iollaa !
Mee yaa intaloo ?

Jechuun sirbe keessatti yoo Farda bullootti dubatu,yoo intalaa maqaa dhahuu hinbarbaanneetti yoo haasa’u ni mul’ata. Kanaafuu, mala dubbii qolaa keessaa mallattoottii fayyadamuun ergaa dabarsuu barbaade hamma yeroon nu guuttutti waldandeenyeetuma obsaan bira darbaa laallachaa akka bira darbuu qabu yoo dabarsuu barbaadu nutti agarsiisa.

Sirba matadureen isaa Gidiraa jedhu keessatti Atee/ Jedhiiyaadiin yoo itti fayyadamu ni mul’ata.

(a) Yaa barruu kafanaa ! hintaane yaa namanaa !
Jarri walfilee qaataa eenyutti himannaa!
Yaa rakkoo baraasii ! Hintaanee kaa ammasii !
Dubbiin gamaa kaatee dhufte nuttisii !
Saneen sanumaa ! Uummanni kunoo gungumaa !
Dubbiin kalee lootee dhufte dugumaa !'

Jechuun sirbee keessatti weellisaan kun dubbii qolaa Atee/Jedhiiyaadii itti fayyadamuusaa kan nutti mul'isu yoo barruu kafanaafi namaa maqaa dhahuu hin barbaanneetti rakkoo yookaan dararaa hamaa ta'e itti dhufaa jiruu kana itti himu agarra.kunis abootiin aangoo irra turan ammas fedhii uummata maiee ofumaa wal angeefatanii taayitaarraa of buusuu didanii kunis ta'ee sun namni waan kana itti himachuu dandeenyu akka hinjirre yoo ibsu agarra.Waan kana callisaanii ilaaluun furmaata akka hinfinee beekuun qabsootti seenuun akkuma barameetti waan uummanni hin feene kana ofirratti ilaalaaluu akka hin qabne karaa mala dubbii qolaa Kanaan yoo ibsu ni mul'ata.

Sirba matadureen isaa' Raada Gaaree'jedhu keessaattis yoo dubbii qolaa Atee/Jedhiiyaadi jedhamu itti tajaajilamu ni mula'ata.

(a) Yaa Raada gaarree maseentuu !
Gaana dhabduu rimaa fuutu !
Yookaan dhaltee sanyii taatuu !
Yookan qottee ginbii guuttuu!
Yaa raadatti raada gaarree!
Yoo qallee foon nyaanne maarree.

Sirba maadureen isaa Raadaa Gaarree jedhu kanaa yoo ilaallee mala dubbii QolaaAtee/Jedhii yaad Yaaditti dhimma itti bahatu haalan nutti mul'sa. As keessatti yoo' raada Gaarree' waliin hasaa taasisuun loon jiran keessaa' Raadni maqaan dhahamu tun akka bu'aa wayyituu hin buusne silaa akka uumaatii raaddi geessuun takka ri'maa fuutee dhaltee loon baayyatu ture akasumas,mirgoon isheen dhalte sun immoo faayidaa qonnaaf oola ture. Garuu, isheen tun akka faayyidaa tokkoollee kan hin qabne waan taateef qallachuu wayya jechuun dhaamsa karaa dhoksaa ta'een ittiin dabarfatee jira.Ergaanis warra taa'itaa qabatanii Uummata keessaa bahan sanaaf waa tokkollee osoo homma hin buusiin teessoo oo'isan sanaaf dhamsa darbeedha.Yoo waan dhagahan ta'e.

Sirba mata dureen isaa' Raada Gaarree' keessaa kan fudhatame kan dubbii qolaa Atee/Jedhiiyaadi jedhutti fayyadame yoo fudhanne.

(a) Haadha Bajigaa yaa Bashaatuu!

Dhiirti gadi jechuu barte firaa ganzabaa hin taatuu !(2)

Akka asirraa hubannuutti yoo dubartii maqaan ishee Bashaatuu jedhamtu kan mucaa maqaan isaa Bajigaa jedhamuun waamamtuutti yoo dubatu agarra kun immoo dubbii qolaa keessaa Atee/Jedhiyaadi ta'uu isaa asiin olitti ilaallee jirra. Kunis kan nutti agarsiisu haati ilmoo ishee waa'ee biyyaa barsiisu keessatti gahee maalii bahu akka qabdu ilmoon isheen deessee haata'u haala biraan carraa daa'imman guddisuu qabdu takkaaf ijjannoo akkamii qabaattee, ijoollee guddisuu akka qabattuu haadholeefis ta'ee warren biroof ergaa dabarsuu barbaade ittiin dabarfatee jira.

(a) Maaloo yaa abaayyee ! Awwawwaashii !

Maaloo yaa abuu koo ! Awwawwaashii !

Beekta kan garaa koo ! Awwawwaashii !

Sitti abdachuun koo ! Awwawwaashii !

Walirratti duunaa ! Awwawwaashii !

Gallus waluumaanii ! awwawwaashii !

Jaalalli qixxeedha ! Awwawwaashii !

Maal adaraanii ! Awwawwaashii !

Sirba matadureen isaa 'Raadaa Gaarree' jedhu keessaa kan fudhatame yoo ta'u sirbi kunis qola dubbii Atee/Jeedhiyaadi kan jedhamutti dhimmaa itti bahu isaa beekuun nidanda'ama. Kanas kan nutti kan agarsiisuu weellisaan kun yoo bifa kadhaa fi jaalala qabuun wanta garaa isaa keessa qabu kan tanaan dura itti himate jechuun iccitii walbiraa qabnu sana anis nan eegaa atis naa eegii malee,baastee hin himini jechuun ittidubbata.Dabalataanis, yoo jiraannees walumaan yoo ta'uu baatus, walumaan duuna waadaan waligallee yaa eeggannu jechuun jaalala fakkeesse yoo nama biroof dhamsa dabarsu nutti agrsiisa. Kanaafuu, malli dubbii kun as keessatti itti fayyadamee jira jechuudha.

(a)

Haadha Wasanee yaa Mulaatuu !
Daaksiis sanyii Kiyya,
Silaa barana hin baatuu !

Sirba mata dureen isaa 'Raada Gaarree' Jedhu keessatti malla dubbii Atee/ Jedhiiyaadiitti itti fayyadamuu isaa armaan olitti sirba sirbee keessatti ni mul'ata. Kunis yoo dubartii maqaan ishee

Mulaatuu jedhamtu kan intala maqaan ishee Wasanee jedhamee beekamu qabdu sanatti akka haasaa'atti itti dubbatu agarra.Waliinii dubbii akkanaa kun immoo,Atee/ Jedhiiyaadii ta'uu nutti mul'isa.Weellisaan kun mala dubbii qolaa kanatti fayyadamuun erga ittiin dabarfachuu barbaadee yoo ilaalle, akkanumaatti ifatti kan nutti mul'atu, yoo haatii Wasanee Mulaatuun, midhaan sanyiif ta'u kan dubartiin uumaa  osoo rakkoon fedheelle jiraatee olkeessee yeroo facaasaan gahuu manaa iddoo olkeche sanaa baastee abbaa manaa isheef kennuu qabdu baastee qallabaaf daaksiistu argeetuu fixii wanaa kakkanaa dubartii uumaa silaa akkana hin gootu turtee attii ofii baddee na balleessuuf  waan deemaa jirtuuf jabaadhu yoo jedhuunutti agrsiisiisa.Kana jechuun ergaa inni dhoksaan dabarfachuu barbaade warra angoo qabatee osoo gochaa hojjatamaa jiru ijaan argee callisee ilaalu kanatti badiin keessaan beekkamee jiraa yeroon isiin taa'itaa irraa fonqoltan isinitti dhihaatee jiraa hoomtuu isiin hindhisuu jedhee yoo ergaa dabarfatu mul'sa.

Uummata Oromoo biratti sayniin iddoo olaanaa qaba. Sayniin kunis, filatamee olka'ama, sababni sayniin olka'amuuf yeroo sanyiif barbaadame faca'ee callaa heddu akka galuuf. Dubartiin cimtuun saynii kana ol kesse yeroo barbadametti waan barbadamee sanaaf akka ooluu taasifti malee saynii baastee hin daksistuu. Akkumaa kana dubartiin waan fallaa kanaa dalagduu jirtuu wellisan kun mala dubbii qolaa kanatti fayyadamee ergaa isaa dabarfatee jira. Ergaan asitti darbuu barbadees warra dhala nama kununsuu osoo qabuu sababa adda addaa uumee maqaa adda addaa itti latee ijoollee dhalattuu fixeef gochi isanii akka sirri hin tanee dubartii saynii daaksistuu kanatti cinaa qabee itti hime.

(a) Amma yaa marii too ! Awwawwaashii !
Maaloo yaa marii too ! Awwawwaashii !
Kee galli fagaatee ! Awwawwaashii !
Nattis qorri hammatee ! Awwawwaashii !
Kootuu Baalee buunaa ! Awwawwaashii !
Kaamiyoondhaanii ! Awwawwaashii !
Beenuu SHaggar baanaa ! Awwawwaashii !
Kaamiyoodhinaanii ! Awwawwaashii !
Nu addaan hin baanuu ! Awwawwaashii !
Salphumaa dubbiinii ! Awwawwaashii !
Jarri maal odeessaa ? Awwawwaashii !
Raadiyoondhaanii ! Awwawwaashii !
Ya Caalii ! Ya Caalii ! Dubbii tana itti laalii !

Aakkaa asirraa hubannutii Weellisaan kun mala dubbii qolaa Atee/Jedhiiyaadi kan jedhamuttii fayyadamee jira jechuuu dandeenya. Sababiin isaas,yoo waliin dubbii taasisu nutti agarsiisa.Dubbii kana keessatti bifa jaalalaatiin dubartii ittii dubbatu tanaan yoom duftaa si eegee dhabee jiraa ani qofaa koo taa'uu hin dandeenyee qorri na gubee waan jedhu fakkeessee BIlisummaa yaadee jiraa dhiibbaan narra gahaa jiraa an kana hin danda'uu waliin taanee jabaannee qabsoofnee naannoolee akka Baalee Naannoo Oromiyaa keessaattuu Shaggarii fa'i konkoolataa fe'iinsaa kan warri loltootaa yaabbatee ittiin deemuu kan maqaan isaa Kaamiyoonii jedhamu Kanaan irra naannoofnee biyya keenya akka irra naannoofnu akkasuma, bilisummaa fedhu yoo dubbatu nutti agarsiisa.Kunis,kan ta'uu danda'u akkadiinni addaan nu baasee nu bituu barbaadu sana osoo hin taane nuti walii gallee walhubannee bilisummaa feenu kana argachuu qabna jechuun ergaa yoo dabarsu nuttii agarsiisa. Dabalataanis, dubbiin tun akka Jarri yookiin warrii aangoo irra jiran Raadiyooniinii oddessan Sanaa osoo hin ta'in karaa biraatiin hubadhu jechuun yoo dubbatu nutti mul'isa.

Sirba mat adureen isaa “Belba” Jedhu keessaattis Atee/Jedhiiyaadi yoo itti fayyadamu ni mul'ata.

(a) Jirtuu mammagaallan koodee tiyyaa!
Yaa jaalala joollummaa kan biyyaa!
An amma si arguun koo waanuma oollee!
Nan dhabee dacheerraa kan si caaluu !
Waan nadhukkubuus, waanan waallalee
Gadi jedhee gaaffeerra lafa laalee !

Jedhee yoo ijoollee waliin guddatee sanuu ijjoollee jaalala cimaa waliin qabu waliin dubbatu nutti agarsiisa. Asirraa wanti hubannuu qabnu sirba qabsoo kana keessatti waan dabarfachuu barbaade lammii issaa kan sababa siyaasaatiin addaan bahan amma yeroo walagarruu gahee jira rakkoo kiyya cimaaammaallee bira gahu baadhuus garuu, walarguuf abdii akka qabu dubbata.

Sirba Jaamboo Jootee matadureen isaa”Gooba Kormaa”Jedhu keessatti sirbe mala dubbii Irra deddeebii itti fayyadamee jira.

(b) Gooba kormaa ! Gooba kormaa !
Silaa maal godhanii ? Maal godhanii ?

As keessatti weellisaan kun Jechoota akka’ gooba kormaa’ fi’ maal godhanii’ jedhaman irra deddeebiin itti fayyadamuun jechoota kanarratti hunda’uun rakkoon cimaan irra gahaa jiraachuu rakkoo kanaaf immoo malli furmaataa akka hin jiraanne dubbachaa xiyyeeffannoo waan kanatti kennu akka qabnu ibsaa jira.Dabalataniis, Maal gochuu akka qabataansi ni gaafata ‘maal godhanii ?’ Jechuun mala furmaataa barbaadu akka barbaachisu eeraa jira. Kanaaf,weellisaan kun haala Kanaan dubbii qolaa kanaattii fayyadamee erga dabarsuu barbaade sana dabarfatee jira.

Sirba Jaamboo Jootee matadureen isaa’Raada Gaarree’ jedhu keessattii mala dubbii Irra deddeebii/Fakee jedhamuttii dhimma itti yoo bahu agarra.Malli dubbii kun akkuma tanaan dura boqonnaa lama jalatti ibsametti wanta caasaafihiikaan walgitan yemmuu irra deddeebi’anii galan kan itti gargaramnu akka ta’e ibsamee ture.Haaluuma Kanaan weellisaan kun mala dubbii qolaa kanatti yoo fayyadamu akka armaan gadii kanaatti yaa ilaalallu.

(b) Yaa baatee ! Yaa baatee!
Jarreen walitti kaatee !(2)
Yaa baatee ! Yaa baatee !
Dubbiitu itti jabaatee ! (2)
Eegaa beenuu hin gallaa ! Beenu hin gallaa ! (4)
Naan hin galtuu Siinaan galaa!
Mucayyoo galmi shaggarii !(2)
Yaadii galmii shaggarii !
Tiyya Dammee tiyyaa !...
Tiyya Dammee tiyya !....

Jechuun sirbe keessatti malli dubbii kun Irra deddeebiitti fayyadamuu isaa nutti mul’isa.Akka asirraa hubannutti weellisaan kun sirba kanatti qabatee ifti mul’atee , diinni keenya immoo, walitti bu’aa Jiruu kun immoo gocha isaniitti yookiin gidiraa isaan hojjatanitu isaan qaqqaba jiraa haalli yeroo akka duranii sanatti itti hin ta’u. Amma kan nu’ii yaaduu qabnu galmii keenya Shaggar galuudha.Shaggar galuu wanti nudhoorku tokkollee akka hinjirre yoo dubbatu nutti agarsiisa. Malaa dubbi qolaa kanatti fayadamee uummataa kana iddoo dhalotaa isaa irraa buqa’ee debii’uu akka qabatu mala dubbi kanatti fayyadamee kayyoon keynaa iddoo dhalota keynatti debii’uu qabna jechuun kuniis itti yadamuu akka qabatuu ergaa isa dabrfatee jira.

(c) Lafa qotuun Ginoota hafee!
Osoo coqorsi hin looyinii !
Diinaan loluun duri hafee!
Osoo harkaan nu qabinii !

Sirba matadureen isaa' Gooba kormaa' jedhu keessaatti mala dubbii Tuqsee yoo fayyadamu ni agarra.Akkuma boqonnaa lama jalatii ibsuuf yaalameetti tuqseen gosoota malleen dubbii keessaa tokko tahee waan tokko maqaa dhahuun akkaataa seenaatiin dhiyeessuuf kan gargaaru akka ta'e ibsamee jira. Kanaaf, malli dubbii qolaa kun yoo maqaa ji'aa dhahu akkasumas, Qtee bulaan tokko kan lafa qotuu qabu osoo coqorsi hin looyin kana jechuun yeroo lafti rooba argattee margi hin margin keessattu coqorsi immoo jabinaan beekkamaadha jechuun yeroo darbe keessa waan raawwatamu qabu eeru ni argama kanarraa ka'uun tuqsee ta'uu nutti agarsiisa.Weellisaan sirba qabsoo kanattii fayyadamuun laf-jaleetti wanta hojjachuu qabnu dhiisnee amma aarsaa qaalii ta'e kan nu kanfalchiisaa jiru kun dura dursaanii itti qopha'uun akka ture bifa gaabbiitiin yoo nama hubachiisuu ni mul'ata. Diinaan kan lolaamu tooftaan yookiin malaan ta'u akka qabaatu sirba kanattii qabaee yaada qabu karaa Kanaan dabarsee jira.

(c) Jetteeree yaa Taabooree ?
Erga lafti abbaa ilmatti hin dabarree !
Akkamittan callissaa tee Tulluu gahuuf deemtii egeree !

Sirba Jaanboo Jootee matadureen isaa 'Raada Gaaree'jedhu kessaatti mala dubbii qolaa keessaa tuqseetti dhimma yoo itti bahamu.Kunis,kan nutti agarsiisuu iddoowwan akka "lafa abbaa" akkasumas, 'Tulluu gahuuf deemti egeree' Jechuun yoo sirbu arguu dandeenya. Kun immoo, tuqsee ta'uu nutti mul'isa.Weelleessaan kun mala dubbii kanatti qabachuun Yoo qabeenyi yookaan dhaalli abbaa ofii ilma bira gahuun hafee warri abbaa mirgaa hin taane qabeenya keenya nurraa fudhachuun kun sirri akka hin taane ibsa.Nuti qabeenya keenya saammamaa jirraa jechaa jira. Waan kana callisnee ilaallee ta'e waan gochuuf deeman hubachuun rakkisaa akka hin taane yerumatti itti yaannee ofirraa falmachhuu akka qabnu kanaa caalaa obsuus ta'ee callisuu akka hindandeenye haala Kanaan yaada isaa akka dabarfate hubachuun ni danda'ama jechuudha. Kanaafuu, Yoo ammumarraa falmachuu baanne immoo,bara dhufu nurratti human baasanii yookaan qabeenya kuufatanii hundeedhanuu nu buqqisuun isaanii waan hin oolleef ammuma ofittii jabaannee falmachuu qabna jechuun dhamsa dabarfata.

(c) Kan darbe amma dhiisii sitti hin kaasuu, natti hin kaasiin !
Wanta yeroon nu gootee san yaaddee, sammuun hin gaabbiin !

Waan bonni gogsee gannatu jiisaa !
Oleen bula malee,yoomaan si dhiisaa!
Barris dabareedhan nama geechii !
Yoo Rabbi jedhee !

Jechuun sirbe kunis dubbii qolaa keessaa Tuqsee fayyadamuu isaa nutti agarsiisa.Kanas hubachuu kan dandeenyu Weellisaan kun yoo jchoota akka darbe yeroon nu goote, kanneen akka bonaa fi ganna' jedhaman itti fayyadamee jira kun immoo fakkeenya tuqsee kessa isa tokko.Weellisaan kun malla dubbii kanatti fayyadamuun yoo hubaatii ati narraan geese sana anis yaadachuu hin fedhu miidhaan ati narraan geessiste kan yoomiyyuu hidagatamne ta'ullee amma ani isaa yaadachuu hin fedhu isaa irra amma wanti durfamuu qabu jira. Jechuun ergaa dabarsa. Dabalatanis, Gochii gaariinis ta'ee gadheen ta'eetuma abbaa eegaa gochaa kee fulduratti argachuun isaa hin ooluu Atis dabaree kee eeggadhu jechuun dhamsa dabarsaa jira. Akkuma namni dhalatee guddatee booda immoo dulloomee du'uun isaa hin oolle dalagaan ilmi namaa lafa kaa'atee darbee akka taa'ee nama eggatu hubachiisuuf yaala.

(c) Namatti nan himinii loo'een dhufa qarreettii !
Kunuu yoo iyya handaaqqoo ! Afoo lafa bariittii !
Bar meeqa wal sakkalee walilaalle akka alagaattii !

Jechuun sirba Jaamboo Jootee kan matadureen isaa Belba jedhamu keessatti sirbe malleen dubbii qolaa keessaa tuqseetti akka fayyadame hubaachuu dandeenya. Kanas kan nutti mul'isu weellisaan kun yoo jechoota akka 'qarreetti,iyya handaaqqoo,afoo lafa barii fi Barmeeqa' kaneen jedhaman tuqsee ta'uu isaa nutti agarsiisa. Dubbii qolaa kanatti fayyadamuun ergaan inni dabarsuu barbaade yoo kan ilaallu ta'e.Osoo na argaa hin baayyisin iccitumaan waan hojjachuu qabnu hojjachaa diina keenya of jaalaa oolchaa jirraa fuldurri keenya guddinaa,ammaa wantii hunduu nu ifee jira yookaan tooftaan nu galtee jirtii,kan tanaan dura daba walitti yaannee akka diinaatti wal ilaalaa turre amma dhabbachuu qaba jechuun akka injiffannoo guddaan dhufaa jiru yoo himu agarra.

(d) Muka Odaati mukni baala qabuu !
Muka silkiitii mukni baala hin qabnee !
Of eegi yaa ilma dhiiraa !
Nama galaafatti sabni seenaa hin qabnee!

Sirba Jaamboo Jootee matadureen isaa' Gooba Kormaa' jedhu keessatti mala dubbii qolaa 'mallattootti' fayyadamu agarra malli dubbii kun immoo akkumaa dura ibsamuu yaalameetti wanta ijaan hin mul'anne waan mul'atuun kan bakka buusuun nutti agarsiisuudha.Kunis muka

Odaa fi mukaa silkii ilaaluu dandeenya.Odaan uummata oromoo biratti galmaa araaraa,iddoo murti gugurdaan itti darbu,iddoo ilmi oromoo itti barnoota abbootii Gadaa irraa barumsa fudhatu Odaan waa hundda uummata Oromoo akka ta'ee ni beekkama. Yoo mukaa odaa maqaa dhooftu waan heddutu sammuutti si dhufa.Muak silkii yoo maqaa dhooftu immoo hiyyeessa kan eessaa dhufteen isaa hin beekkamne kan iddoo qabatan hin qabne yookaan gosa waayituu kan hin qabne sammuu keessatti si uuma.Kanarraa ka'uun weellisaan kun yoo michuu baastu,yoo waa mari'atu eenyu waliinan jiraa jechuun akka of ilaalu qabnu garaa laafuun waan hundaa ifaan ifatti dubachuun eenyuttiin himuu qaba eenyutti immoo himuu akka hin qabannee haala Kanaan waan yaade walaloo sirbaa isaa keessatti dubii qolaa kanatti fayyadamee ergaa qabu nuuf yoo dabarsu yoo wwa yaadee dubbattu, yoo yaada nuuf ibsu mul'ata. Asirratti ergaan jiru kana qofa jechuu miti kun akkan qorattichii xiinxaleetti malee kana qofa jechuu miti.

(d) Bakkalchii dhugaa mummul'achaaraa !
Barri dukkanaa sun darbeeraa

Jechuun Jaamboo Jootee sirba mata dureen isaa 'Belba' jedhamu kessatti sirbe yoo ilaalle dubbii qolaa 'Mallattootti' yoo fayyadamu nutti agarsiisa. Kunis,jechoota akka 'Bakkalcha dhugaa' akkasumas, Barri dukkanaa' kanneen jedhaman yoo fudhannee ilaalle weellisaan ergaan inni dabarsuu yaalu, bilisummaan uummataa dararamaa hamaa keessaa turee kanaaf dhugaan isaa bahuuf akka jiruu mallattoo inni arge akka jiru agarsiisa. Kanamales, yeroon rakkoo,du'aaf ajjeessaan raawwatamaa ture amma dhaabbachuu isaa ammaan achii gochi sun kan hawaasa kanatti hin deebinee akka ta'u eeruu isaa arguu dandeenya.

(e) Tattabanneetuma bullaa !
Kokkoffalleetuma bullaa !

Sirba Jaamboo Jootee matadureen isaa 'gooba Kormaa' jedhu keessatti dubbii qolaa Habalaka yoo itti fayyadamu ni mul'ata. Dubbiin qolaa kun yoo waan tokko karaa ffaallaa ta'een ibsaniidha.Fkn.Harmeen teenya yeroo nutti waan tokkoo balleechinee jirrutti 'Jabaadhu gaarii gootee !'yoo nuun jettu nu jajjuuf miti. Gochi yookiin dalagaan nutti raawwanne sun akka gaarii hin taane mala dubbii qolaa Kanaan nutti himaa jirti malee.Akkuma kana weellisaan kunis, 'tattabaanneetuma bulaa' yoo akkana jedhu waan gammachuun isaa daanga dhabe namatti fakkaachuu danda'a. Garuu faallaa isa akka haalli itti hin tolle akka gammachuun wayiituu itti hin dhagahamne dubbachuu isaati. Akkumasana yoo 'kokkofalleetuma bullaa' jedhus kolfi nutti himaa jiru kun akka kan gammachuu hin taane nutti agarsiisa.Kanarra akka hubachuun

dandamutti haalli yeroo weellisaan Jaanboo Jootee itti sirba kana itti sirbe kanatti akka gammachuun itti hindhagahamne rakkoo hamaa keessa jiraachuu isaa haala Kanaan nu ibsuu danda’e jira.

(e) Tolee yaa…. ! Tolaan farad bitee !
Collee hin taane malee !
Osoo akka namaa silaa qaata bannee !
Uumaa rabbi keenyaa! Sirnaafi Gadaa qabnaa!
Seeraafi Heeraan bullaa !Hamtuun goodee galee!
Cubbuu hin yaannee malee! (2)

Sirba Jaamboo Jootee mataduree’ Raadaa Gaaree’ Jedhuu keessatti akka armaan olittii agaruttii mala dubbii Habalakatti fayyadamee jira. Kunis kan nutti mul’isu duruma yoo sirbatti seenu ka’uumsa irratti’ Tolee yaa!’Asummaarraa wantii nutti mul’isu ta’ee jiraa jechuu barbaadee osoo hin taanee akka wanti tokkollee hin taane ibsuu agarsiisa.kanas kan nu hubachiisu’ Tolaan farda bitee collee hin taane malee’ Jedha duraa yoo ka’u immoo waan gaariin akka jiruutti mul’isa amma immoo fardi bitameelle maqumaaf malee uummaa fardaa kan guutuu miti farad yoo bitaan farada ittiin garmaamaan bakka garaa ittiin gahan malee farad collee hin taanee bituun Oromoo biratti fudhatama hin qabu.Karaa biraattin imoo gochii dalagamaa jiru kun sirriidha jechuudhaan faallaa isaattiin akka sirrii hin taanee ergaa isaa ittiin dabarfatee jira. Akuma maatiin keenya waan gaarii tokko yoo nutii hin hojjanne nu arganii ishoo ! Gaarii goote nuun jedhan sana silaa akka gochaa keenyaa nutti dheekkamuu qabanuu akkas nuun jedhan weellisan kunis tolee jiraa wanta gaariin argaa jira waan jedhu fakkatee ergaa isaa haala kanaan dabarfatee jira.Walumaagalatti akkuma ka’uumsa irra hubannutti wanti tole jedhame ka’e sun faallaa isaa ta’uu mul’isa.

(f) Yoon asunaa gad ilaaluu gaangeen marfii kumaan yaatii !
Yoon sii jedhee du’e maalii ? Bookeenillee nama ajjeessitti !
Yoomuu silaa duuti hin ooluu ! Seennee lollaa diinnii hin jiiluu !

Sirba Jaamboo Jootee matadureen isaa ‘Raada Gaarree’ jedhu keessatti malli dubbii qolaa Arbeessaa /Gurra guddisuu yoo itti tajaajilamu ni agarra.Kunis kan nutti mul’isu gaangeen ba’aa baachuun uumuma jiru ta’ee garuu, meeshaa waraanaa sanuu marfii kuma tokko baattee yaatii yoo jedhu ni agarra kun immoo mala dubbii keessaa arbeessatti fayyadamuu mul’isa.

Akkasumas,'yoon si jedhee du'e maalii? Bookeenillee nama ajjeessitti' yoo jedhutu mulata. Kunis jaalala jiru gurra guddisuun ibsuufiidha. Akkasumas,Bookeefi du'a walbira qabuun xooxeessuun nutti agarsiisee jira.

(g) Kamtu uumee kaan darbee !
Rabbii har'aan nu gahee !
Yaa korommii hinjiillee !
Akka garaa hin taanee !
Akka baraa hin oollee !

Sirba Jaamboo Jootee matadureen isaa 'Raada Gaarree' jedhu keessatti akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalameetti malli dubbii qolaa 'Eemti' kan jedhamuutti dhimma itti bahamee jira. Akkuma beekkamu mitiheen wantoota waliif faallaa ta'anitti fayyadamuun kan itti gargaaramnuudha.Weellisaa Jaamboo Jootee yoo sirba isaa keessatti fayyadame yoo ilaalle, yoo jechoota uumeefi darbee yoo itti fayyadamu ni argama. Akkasumas 'akka garaa hintaane' jedheetu, deebiseetu immoo 'akka baraa hin oollee' yoo jedhu ni mul'ata. Sirba kana keessatti yoo xinxalamu akka waliigalatti yaadota lamaan waliifaallaa ta'anutu mulata jechuu dandeenya.

(h) Koodeen sumaa ! michuun kiyyaa dhumaa!
Shimala koo komodiin barreessee !
Anumaaf situ hafee jarri nurraa dheessee !
Koodeen shimala gadheen nama ganti !
Shimala koo xiiqii hin dandeessu !
Gadi laafiin jiraa ani sirraa dheessuu !

Sirba Jaamboo Jootee mata dureen isaa' Gidiraa' jedhu keessatti mala dubbii qolaa Iddeessaatti yoo dhimma bahu ni mul'ata.Kanas kan nutti agarsiisu' koodeen sumaa' jechuun yoo iddoo koodee shimala bakka buusu nutti agarsiisa.Dabalatanis' michuun kiyya dhumaa' yoo ittiin jedhu kan hiriyaa garmalee jalatu kan homaanuu hin jijjirre jechuun iddoo hiriyaa yoo bakka buusuu nutti agarsiisa.Sirba kana keessatti akkuma agarutti' koodeen shimala' yoo jedhuun, 'shimala koo xiiqii dandeessuu' yoo jedhuun akkasumas, gadi hin laafiin jira ani sirraa hiin dheessuu' jechuudhaan iddo hiriyaa isaa yoo buusu waan ifatti mul'atuuf malli dubbii sirba kana keessatti itti fayyadame iddeesaa dha.

Asirraa wanti hubachuu dandeenyu namoonni tokko tokko afaaniin nama fakkaachaa rakkoo jiru hundaa afaaniin si fakkaachaa wayyoo osoo akkana goonee jedhee yaada adda addaa dhiyeessee swaan si nahee fakkeessee harka dubaattiin wanti inni sirratti raawwate yoo ilaallamu dhugaa

jiru waliin hin deemuu kana waan taheef  kana malees,namni atti abdattu waan biraa yoo dalagu agarraa kana waan ta’eef weellisaan kun nama akkanaa kanaa manna shimala kook an homm hin dubbannee yoo diinni dhufe kan narraa hin dheechine jedhee malleen dubbii iddoosaatti fayyadamee ergaa isaa dabarfachuuf waialoo isaa keessatti itti fayyadamee jira.Kanaafuu,namni waan namarratti hin raawwanne waan raawwataniif namoota saba ofii gurguran irra shimallii afaan hin beekne akka wayyu yookiin caalu mala dubbii qolaa kanatti fayyadamee ergaa ittiin dabarse.Waliin ooluun,walbeekuun,wajjiin nyaachuun, waliin taphachuun,yaada walijiijjiiruun sirritti gaaraa walii beekuu akka hintaaneibsee jira.Hiriyyaa akkanaa kanaa mannaaa ulee ofii kan garaa walii beekan waliin ta’uun waan barbaada gochuun akka danda’amuu mala dubbii qolaa kanatti fayyadamee ibsee jira.

# BOQONNAA SHAN:CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti wantoonni ilaalaman kanneen akka cuunfaa,argannoofi yaboo akkaataa armaan gaditii kan ilaallamaniidha.Tokkoon tokkon malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee filataman keessatti sirbaman yaada maalii dabarsuu barbaadan,akkamitti dabarsuuf dhiyaatan irra caalmaan gosoota malleen dubbii kamitti akka fayyadaman akka armaan gadii kanatti walitti qabuun ibsamanii jiru.

## 5.1 Cuunfaa.

Sirba Jaamboo Jootee sirbe kana keessatti malleen dubbii walaloo sirboota isaa keessatti haala garaagaraatiin itti fayyadame kunneenii karaa addaa addaatiin xiinxalamaniiru. Sirba weellisaa Jaamboo Jootee sirbe keessaa sirboota filataman matadureen isaanii, Gooba Kormaa, Radaa Gaarreefi Belba jedhaman keessaattii malleen dubbii walaloo sirbootaa filataman keessatti argaman tokkon tokkoon xiinxalamanii jiru. Malleen dubbii walaloo  sirboota Jaanboo Jootee sirbe keessatti argaman mata mataadhaan ilaalmanii jiru. Kanneen sirboota keessatti argamanis malleen dubbii kam kam akka ta’aniifi mala dubbii kamtu sirboota filataman keessatti akka argaman ilaallamaniiru. Malleen dubbii kunniinis akkuma waliin dubbii namootaafi barreeffama adda addaa keessaatti dhimma itti bahaman sirba keessattis haala adda addaatiin akka tajaajilan hubatamaniiru. Malleen dubbii walaloo sirboota Jaamboo Jootee filataman keessaatti  haala jiruu hawaasa amma keessa jiru wantii hanga ammaatti raawwatamaa jiru kun akka hanga waan eegee sana akka hin taane wanti ta’aa jiru akka homaa bu’aa wayii hin qabne sirba isaa keessatti fayyadame ibsee jira.

Sirba isaa keessatti jiraatan tokko dachee itti dhalatee irratti mirga wayiitu akka hinqabe keessattuu iddoo awwaalatuu argachuun rakkisaa akka ta’e kun immoo gaarii akka hintaane haaluma Kanaan hawaasni miidhaa fi dararaan garaagaraa akka iraa gahaa jiru walaloo isaa keesstti ibsamee jira. Inni biroo warroonni aangoo qaban aangoo  uummanni isaaniif kenne uummata isaan filateef akka tajaajilan  ta’ee osoo jiruu isaan garuu akkanummatti hanga namnii heedduun rakkoo fi gadaddoon adda addaa irraa yoo gahuu callisanii yoo ilaalan mul’atu. Weellisaan kun kana callisee hin ilaallee dandeettii fi beekkumsa ogummaa sirbaa Kanaan fayyadamee warra akkas godhan Kanaan erga bu’aa wayiituu hin buusne ta’e yoo kaaraarra isin maqsinnee malee bu’aan akka hin argamnee ibsuun hordooftoota isaa dadamqsuun ergaa dabarfatee jira.

Sirba Jaaboo Jootee keessatti malleen dubbii argaman kanneen armaan gadiiti. Isaaniis: Atee/Jedhiiyaad, Irradeddeebii, Tuqsee, Mallattoo, Habalaka, Arbeessaa, eemitifi Iddeessaatti fayyadamee jira. Malleen dubbii kanneenis akkataa fi tooftaa adda addaattiin sirboota isaa keessa galchuun karaa miidhaginaa fi bareedina qabuun wanta yaade waan garaa isa qabe gocha fafee fudhatamuuf didee waan ta'uu qabu  akkasumas, sirreeffama jiraatuu qabu eeruun sirbaa isa keessatti malleen dubbii walaloo sirbaa keessatti fayyadamee ibsuu isaa haalan xiinxalame jira.Kana irraa akka hubannuutti weellisaan kun malleen dubbii kana sirba isaa keessatti iddoo fi akkaataa adda addaatiin itti gargaaramuu isaa sirriitti xiinxalameera, akkasumas sirboota filataman keessatti ergaa akkamii dabarsuuf akka itti tajaajilame qacceeffame jira.Malleen dubbii baayinaan fayyadamuun isaa dhiibbaa yookiin bu'aa maalii fiduu danda'e kan jedhu yoo fudhannee ilaalle miidhaa inni fidu kan hinjirree yoo ta'eeyyuu gama bu'aan inni argamsiisee garuu akka armaan gadii kanaatti dhiyaatee jira.

Malli dubbii qolaa Atee/Jedhiiyaadi kan jedhamu irra jireenyaan itti fayyadamee yoo ta'u kanneen Irradeddeebii, Tuqsee, Mallattoo, Habalaka, Arbeessaa, Eemitifi Iddeessaa kanneen jedhaman akkuma walduraa duubaan jiranittii itti fayyadamuun yaada isaa ibsatee jira. Weellisaan kun malleen dubbii kana baayinaan itti fayyadamuun kun ergaa gama siyaasaa, aadaa, duudhaafi amantii yeroo kana keessaa jiru mala dubbii kanatti qabachuun iccitiin ergaa ciccimoo akkakaraa adda addaan dabarsuu isa taasiisee jira. Kanaafuu, baayinaan malleen dubbiitti fayyadamuun isaa rakkoowwan gama abbaa biyyumaa dhabuu kaasuun, mirga qabeenyaa ofiitti fayyadamuu dhabuu, lafa yookiin iddoo dhalootaa, isaanii irraa buqqa'uu, bara baraan jijjiirramni wayii illee kan hin jirre haala duriirraa qabee haaluma walfakkatuun kan deemuu ta'uu isaa hawaasa Oromof wanta itti siqee malee wantii irraa siiqe wayiituu akka hin jirree akka ibsatu isaa taasiisee jira. Kanamalees, malleen dubbii baayinaan fayyadamuun isaa walaloo sirboota isaa keessa jiran kanatti fayyadamuun akka karaa garaagaraan ergaawwan kanneen akka tokkummaan haalaan barbaachisaa ta'uu isaa.Fedhiin ofiin ofbulchuu barbaaduu hawaasaa, roorroo ulfaataa dhufe kana ofirraa qolachuun barbaachisaa ta'uu qofa osoo hin taane dirqama ta'uu.warroonni aangoo qabatanii jiran akkanumatti callisaanii taa'uu dhiisaanii wanta hawaasa irra gahaa jiru kana furmaata barbaaduu akka qabaataan akka haalaan ibsatu waan isa taasiiseef malleen dubii heddumnaan itti fayyadamuun isaa rakoowaan hawaasa irra gahaa jiru kana mala furmaataa waliin akka hordoofta isaaf ibsatu waan taasiseef bu'aa hedduu qaba jechuudha.

Walumaagalattii malleen dubbii sirboota Jaamboo Jootee filataman keessatti dhiyaatan yaanni isaan dabarsuu yaadan bilisummaan barbaachisaa ta'uu isaa, xuxxuqaan itti jaabachuun gara qabsootti akka seenname.Namoonni angoo qaban kunniin kan dharaan guutameefi ammallee gidiraa gochuun kan irraa hin dhaabbanne akka ta'e xiinxalamee jira. Gidiraafi dhiibban godhamaa jiru kun kan dhaabbatamu immoo yoo waalii galameefi walamantaan jirateedha jechuun malleen dubbii isaatti fayyadamee ibsuun isaa xiinxalamee jira. Dabalatanis.ummanni ammalee haalli akka itti hintollee kaasuu, sanyii (gosa) fixaa akkka jirran kun immoo booda gaafachiisuu akka hin oollee, fuulduratti iftii bahaa akka jiruu  namni waan yaraa tokko dalage sana booda irratti argachuun isaa akka hin oollee akkuma wanta gaarii yoo hojjatan wantii gaarii nama eeggatu sana gochaa faallaa kanaas akkasuma ta'ee akka eeggachaa jiru kara adda addaatiin dubbii qolaa isaa keessatti galchuun dhiyeessuu isaa xiinxalamee jira. Roorroo hammataa dhufe kana hawaasni tokkumaa isaa jabeeffatee ofirra qolachuu akka qabaatu ta'uu baannan jiraachuun hawaasa kanaa bu'aa wayii kan hin qabaanne ta'uu ibsuun isaa xiinxalamee jira.Warri aangoo qabanis, callisanii daraaraafi miidhaa hawaasaa kana ilaaluun kan ofii qofaa mijeessuun kun sirri waan hintaaneef hawaasa cinaa dhaabbachuu akka qabatan dhaamsa isaa dabarfachuun isaa hubatameera.

## 5.2 Argannoo

- Argannoon qorannoo kanaa inni guddaan malleen dubbii sirba Jaamboo Jootee sirboota filataman keessatti malleen dubbii garaagaraa fayyadamuu isaa  xiinxalameera.
- Inni biroo ammoo weellisaan kun sirba isaa keessatti malleen dubbii sirba isaa keessatti fayyadamuun ergaa ciccimoo siyaasni saba Oromoo maal irra akka jiru, garam deemaa akka jiru, maal immoo ta'uu akka qabu, gama guddinnaa diinagdeetiin maal keessa akka jiru karaa dhoksaa taheen ibsuun isaa hubatameera.
- Dhimmoonni weellisaan kun baayyinaan ibsuu barbaade miidhaa gama siyaasatiin ummata irra gahaa jiruu yoo ibsu dabalatanis dhimma hawaasummaa,aadaafi duudhaa hawaasaa irra hacuccaan jiraachuun hubatameera.
- Weellisaan kun  sirba isaa keessatti malleen dubbii adda addaa karaa adda addaatiin fayyadamuun ergaawwaan hedduu hawaasaa Oromoo  qabsoo finiinsuu kessattii gahee guddaa tabachuu akka qabaatuu dhaamsa yeroo isaa eeggate dabarsuun isaa hubatameera.

- Weellisaan kun sirboota filtaman keessatti maleen dubbii baayyinaan kanneenn itti fayyadame qolaa dubbii keessaa Atee/Jedhiiyaadi akka ta’e qorataan argateera.Kunis, weellisaan kun waan yaada isaa keessa jiru akka barbaadeetti akka ergaa isaa dabarfatu isaa taasisee jira. Kanamalees malleen dubbii sirba filaman keessatti dhimma itti bahaman akka duraa dubaatiin yoo ta’an:
- Atee/Jedhiiyaadiin malleen dubbii kudha tokko,Tuqseen afur,Irra deddeebiin, Mallattoonfi Habalakni lama lama yoo ta’an kanneen akka Arbeessaa,EemitifiIddeessan tokko tokko ta,uu qorataan argateera.Maleen dubbii kunneen heddumminaan itti fayyadamuun isaas,dhaamsawwan hedduu karaa adda addaatiin dabarsuu irratti bu’aa guddaa kan qabaatu ta,uu isaa adda bahameera.

## 5.3 yaboo

- Ilmi namaa bara jireenya isaa keessatti wantoota garaagaraatu isaa muudata. Muudannoon kun immoo uumamaan, siyaasaan, barnoota dhabuuniifi gara laafuun kkf.irraa gahuu danda’a. Rakkoowwan akkanatti nama muudatan kana namoonni daandeettii qaban hunda itti gargaaramuun uummata isaanii baraaruu qabu.
- Karaaleen ittiin gargaaran keessaa muraasni: Beekaan, gorsaan Barsiisan barsiisuun, waloon, walaloodhaan, Fakii kan kaasuu fakii isaatiin akkuma hawaasa isaa barsiisuu qabu weellisaan weelluu isaatiin malleen dubbiitti dhimma bahee kara nam hin nuffisiisneeniifi hin irraaffatamneen karaa dhoksaa taheen hawaasa isaa barsiisuun rakkoo isa mudachuu danda’u mara iraa baraaruu qaba.
- Weellissan immoo yoo sirba qopheesu yookaan yoo sirbu jechoota tokko tokko haalli inni itti fayyadamu osoo akka hubatamuu danda’utti qopheessanii dhaamsa qoratticha atti.

# WABILEE


Abdulqaadiir fiDajanee. (2012).Asoosama Dheeraa Yuunvarsiitii Adaamaa.*Moojuulii Barnoota fagoo.*(kan hin maxxanfamne)

Aduynaa Barkessa.(2010).*Natoo*:yaadarimee Caasluga Afaan oromoo,finfinne:mega printing

AdunyaaBarkeessaa.(2011)..*Akkamtaa*:YaadaRimee QorannooHujoo Max.3ffaa Finfinnee, Oromiyaa.

Addunyaa Barkeessaa .(2018).seemoo:bu'uura afaaniif afolola oromoo Max.3ffaa.Oromiyyaa,Finfinnee.

Asteer fi kan biroo .(1995). *Wiirtuu Jildi-7)* Addisii Ababaa:

Awol Allo. (22 jjune2015). *The poets and politics of Oromo resistance,* retrieved From…http/www.opendemcracy.net/poetics-and-politics-of-orm-resistans

Dasitaa Dassalaany .(2013). *Bu'uura Qorannoo* .Max.2ffaa Addis Ababaa:mana maxxansa far East Trading PLC.

Geetachoo Rabbirraa, (2015). *Quba qabduu* ? Bu'uuraalee afaan Oromoo.Max.2ffaa.Addis Ababaa.Ethiopia.Dhaabbata Maxxansaa Intarnaashinaal.

Ibsaa Adduunyaa.(2016.)." Qaacceessa itti fayyadama malleen dubbii ogwalaloo Anaan'yaa keessatti'' Yuunvarsiitii Adis Ababaa: Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa ( kan hin maxxanfamne)

Maammoo Badhaasaa .(2009/2017) " Qaacceessa Qabiyyeefi unka weedduu Arrabsoo Durbaa sirna Naqatanii Fuudhuu Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Haaruu" Yuunvarsiitii Addis Ababaa: Waraqaa Digirii 2ffaa ( kan hin maxxanfamnee)

Zawuude Taaddasaa .(2001). *Gosoota Afoola Afaan Oromoo* Hidha 4ffaa.Dhaabbataa Qunnamtii Barnootaa Ministeera Barnootaa Finfinnee/Addis ababaa/Ethiopia.

ዘሪሁን አስፋው (1992) "የስነጽሁፍ መሰረታውያን" አዲስ አበባ፡ በንግድ ማተሚያ ድርጅት ታተመ

http://ap.gilderlehrman.org/history-by-era/civil-rights-movent/essays/%E2%80%9D-music-and-civil-rights-movent-1950s

http://en.wikipedia. org/wiki/music-in-the-movement-against-apartheid Wikipedia.

http:dictionary.combridge.org >

http://en.n.wikipedia,org> wiki

https:/www.thh,nhs,uk16.PDF.What is sampling in research

## DABALEE

**4.1.qacceessa Atee/Jedhiiyaadi**

Fkn.1ffaa.(a)

Nan nahaa ! Hin taane hamma yoonaa !

Qonnee diina soorraa gubannee akkam goonaa ?

Lammumaa ofiiti walii gaaddisnii

Waanumaa hireeti humnii!

Lakkii alagaaf nu kenniinii !

Fkn.2ffaa (a)

---Lakkii yaa jiruu too?

Lakkii yaa buddeenaa ?

Lakkii yaa garaa koo ?

Maalumaaf godaannaa ?

Harkuumaan walqabna !

Harkuumaan walyaamnaa!

Afaaniin waltaanaa !

Afaaniin waltaanaa!

Bilisummaa kaafnaa !

Fkn3ffaa(a)

Yaa samii maa boochaa ?

Si namaa keenneetti !

Yaa dachee maa boossaa ?

Atis yoo dur kootii !

Xuxxuqaatu na kaasee !

Amma naa gamteetii !

Hin rafuu nan kaadha !

Mee bulloon fe’adha !

Hamma hooman gubadhaa !

Akkamiin dachee too !

Anis silaa maal haa ta’uu ?

Yookaan tiyya taataa !

Yookaan sin aa nyaata

’Yaa samii maa boochaa?’

‘Yaa dachee maa boochaa?’

Fkn.4ffaa(a)

...Daamaa Bulloo !

Walii jeenneetuma bullaa !

Maa wal-iollaa !

Mee yaa intaloo ?

Fkn. 5ffaa.(a)

Yaa barruu kafanaa ! hintaane yaa namanaa !

Jarri walfilee qaataa eenyutti himannaa!

Yaa rakkoo baraasii ! Hintaanee kaa ammasii !

Dubbiin gamaa kaatee dhufte nuttisii !

Saneen sanumaa ! Uummanni kunoo gungumaa !

Dubbiin kalee lootee dhufte dugumaa !’

Fkn.6ffaa.(a)

Yaa Raada gaarree maseentuu !
Gaana dhabduu rimaa fuutu !
Yookaan dhaltee sanyii taatuu !
Yookan qottee ginbii guuttuu!
Yaa raadatti raada gaarree!
Yoo qallee foon nyaanne maarree.

Fkn.7ffaa(a)

Haadha Bajigaa yaa Bashaatuu!
Dhiirti gadi jechuu barte firaa ganzabaa hin taatuu !(2)

Fkn. 8ffaa(a)

Maaloo yaa abaayyee ! Awwawwaashii !
Maaloo yaa abuu koo ! Awwawwaashii !
Beekta kan garaa koo ! Awwawwaashii !
Sitti abdachuun koo ! Awwawwaashii !
Walirratti duunaa ! Awwawwaashii !
Gallus waluumaanii ! awwawwaashii !
Jaalalli qixxeedha ! Awwawwaashii !
Maal adaraanii ! Awwawwaashii !

Fkn.9ffaa(a)

Haadha Wasanee yaa Mulaatuu !
Daaksiis sanyii Kiyya,
Silaa barana hin baatuu !

Fkn.10 ffaa (a)

Amma yaa marii too ! Awwawwaashii !
Maaloo yaa marii too ! Awwawwaashii !

Kee galli fagaatee ! Awwawwaashii !

Nattis qorri hammatee ! Awwawwaashii !

Kootuu Baalee buunaa ! Awwawwaashii !

Kaamiyoondhaanii ! Awwawwaashii !

Beenuu SHaggar baanaa ! Awwawwaashii !

Kaamiyoodhinaanii ! Awwawwaashii !

Nu addaan hin baanuu ! Awwawwaashii !

Salphumaa dubbiinii ! Awwawwaashii !

Jarri maal odeessaa ? Awwawwaashii !

Raadiyoondhaanii ! Awwawwaashii !

Ya Caalii ! Ya Caalii ! Dubbii tana itti laalii !

Fkn.$11^{ffaa}$(a)

Sirba mat adureen isaa “Belba” Jedhu keessaattis Atee/Jedhiiyaadi yoo itti fayyadamu ni mul’ata.

Jirtuu mammagaallan koodee tiyyaa!

Yaa jaalala joollummaa kan biyyaa!

An amma si arguun koo waanuma oollee!

Nan dhabee dacheerraa kan si caaluu !

Waan nadhukkubuus, waanan waallalee

Gadi jedhee gaaffeerra lafa laalee !

Fkn.$12^{ffaa}$(b)

Gooba kormaa ! Gooba kormaa !

Silaa maal godhanii ? Maal godhanii ?

Fkn.$13^{ffaa}$( b)

Yaa baatee ! Yaa baatee!

Jarreen walitti kaatee !(2)

Yaa baatee ! Yaa baatee !

Dubbiitu itti jabaatee ! (2)

Eegaa beenuu hin gallaa ! Beenu hin gallaa ! (4)

Naan hin galtuu Siinaan galaa!

Mucayyoo galmi shaggarii !(2)

Yaadii galmii shaggarii !

Tiyya Dammee tiyyaa !...

Tiyya Dammee tiyya !....

Fkn14[ffaa] (c)

Lafa qotuun Ginoota hafee!

Osoo coqorsi hin looyinii !

Diinaan loluun duri hafee!

Osoo harkaan nu qabinii !

Fkn.15[ffaa] (c )

Jetteeree yaa Taabooree ?

Erga lafti abbaa ilmatti hin dabarree !

Akkamittan callissaa tee Tulluu gahuuf deemtii egeree !

Fkn.16[ffaa](C)

Kan darbe amma dhiisii sitti hin kaasuu, natti hin kaasiin !

Wanta yeroon nu gootee san yaaddee, sammuun hin gaabbiin !

Waan bonni gogsee gannatu jiisaa !

Oleen bula malee,yoomaan si dhiisaa!

Barris dabareedhan nama geechii !

Yoo Rabbi jedhee !

Fkn 17ffaa (c )

Namatti nan himinii loo’een dhufa qarreettii !

Kunuu yoo iyya handaaqqoo ! Afoo lafa bariittii !

Bar meeqa wal sakkalee walilaalle akka alagaattii !

keenya guddinaa,ammaa wantii hunduu nu ifee jira yookaan tooftaan nu galtee jirtii,kan tanaan dura daba walitti yaannee akka diinaatti wal ilaalaa turre amma dhabbachuu qaba jechuun akka injiffannoo guddaan dhufaa jiru yoo himu agarra.

Fkn,18ffaa(d)

Muka Odaati mukni baala qabuu !

Muka silkiitii mukni baala hin qabnee !

Of eegi yaa ilma dhiiraa !

Nama galaafatti sabni seenaa hin qabnee!

Fkn.19ffaa(d)

Bakkalchii dhugaa mummul’achaaraa !

Barri dukkanaa sun darbeeraa

Fkn.20ffaa(f))

Tattabanneetuma bullaa !

Kokkoffalleetuma bullaa !

Fkn.21ffaa(e)

Yoon asunaa gad ilaaluu gaangeen marfii kumaan yaatii !

Yoon sii jedhee du’e maalii ? Bookeenillee nama ajjeessitti !

Yoomuu silaa duuti hin ooluu ! Seennee lollaa diinnii hin jiiluu !

Fkn.22ffaa(f)

Tolee yaa…. ! Tolaan farad bitee !

Collee hin taane malee !

Osoo akka namaa silaa qaata bannee !

Uumaa rabbi keenyaa! Sirnaafi Gadaa qabnaa!

Seeraafi Heeraan bullaa !Hamtuun goodee galee!

Cubbuu hin yaannee malee! (2)

Fkn.23ffaa(g)

Kamtu uumee kaan darbee !

Rabbii har'aan nu gahee !

Yaa korommii hinjiillee !

Akka garaa hin taanee !

Akka baraa hin oollee !

Fkn.24ffaa(h)

Koodeen sumaa ! michuun kiyyaa dhumaa!

Shimala koo komodiin barreessee !

Anumaaf situ hafee jarri nurraa dheessee !

Koodeen shimala gadheen nama ganti !

Shimala koo xiiqii hin dandeessu !

Gadi laafiin jiraa ani sirraa dheessuu !

SIRBOOTA JAAMBOO JOOTEE KANNEEN QORANNOODHAAF FILATAMAN.

1ffaa. " Gooba kormaa"(A)

2ffaa Gidiraa ( B)

3ffaa Raada gaarree (C) fi

4ffaa Belba (D)

yoo ta'an isaanis akka armaan gaditti duraa duuba isaanii eegaanii dhiyaatanii jiru.

**1ffaa Sirba matadureen ‘ GOOBA KORMAA’ Jedhu.(A)**

Nan na’aa ! hin taaane hamma yoonaa ,

Qonnee diina Soorraa gubannee akkam goonaa

Lammuuma ofiitii walii gaaddisni

Wanuma hireet humnii,

Lakkii alagaadhaaf na kenniin

lakkii yaa jiruu too,

lakkii yaa buddeena,

lakkii yaa garaa koo,

Malumaaf godaannaa

Harkumaan walqabnaa

Harkumaan walyaamna, Afaaniin waltaanaa

Bilisummaa kaafnaa bilisummaaf duunaa.

Yaa samii naa boochaa ? Si namaa kenneetii

Yaa dachhee naa boochaa ? Atis yoo dur kootii

Xuxxuqaatu na kaasee, amma naa gamteetii

Hin rafuu nan kaadhaa, Mee bulloon fe’adha.

Hamma yooman gubadhaa.

Akkamiin dachee too An sila maal yaa ta’u ?

Yookaan tiyya taataa Yookan si na nyaataa.

Muka Odaati mukni baala qabuu,

Muka silkiitii mukni baala qabnee,

Of eegi yaa ilmaa dhiiraa,

Nama galaafatti sabni seenaa hin qabnee.

Lafa qotuun Ginbootaa hafee,osoo coqorsii hin looyin,

Diinaan loluun dur hafee, Osoo harkaan nu qabinii, Yaa ijoollee.

Gooba kormaa  gooba kormaa(8)

Silaa maal godhanii?  Maal godhanii ?

Maal godhanii ?

Tattabanneetuma bullaa,

Kokkoofaleetuma bullaa,

Barri hin darbaa maa wallollaa (2)

Akuma baraatiitti bulaa (2)

Silaa maal godhanii ?

Daamaa Bulloo (8)

Tattabanneetuma bullaa,

Walii jenneetuma bulaa,

Maa wal lollaa mee yaa intaloo,

Silaa maal godhanii?

Koode nabsee  (2)  Koodee Yabuu (2x)

Sitti toltee cooma murtee ,

Garaan ofii  rorroo hin dhabuu,

Silaa maal godhanii ? Maal godhanii?

Tattabaneetuma bullaa?

Kokkofalleetuma bullaa?

Barri hin darbaa maa wal-lollaa (2 )

Akkuma baraatitti bullaa (2)

Silaa maal godhanii?

Tole tolee…..

Gooba Kormaa  Gooba kormaa,(8)

Silaa maal godhanii ? Maal godhanii ?

Maal godhanii?

Tattabanneetuma bulaa,

Barri hin darbaa maa wal-lollaa (3)

Akkuma baraatiitti bullaa (2)

Silaa maal godhanii ?

Damaa Bulloo (8)

Tattabanneetuma bullaa

Walii jenneetumaa bulaa

Maa wal-lollaa , Silaa damaa bulloo

Koodee nabsee (2) Koodee Yabuu (2)

Sitti toltee cooma murtee

Garaan ofii rorroo hin dhabuu (2)

Wayyoo koodee Yabuu Maal godhanii

Tattabanneetuma bullaa (2)

Barrii hin darbaa maa wal-lollaa (2)

Akkuma baraatitti bullaa (2)

Silaa maal godhanii

Tole Tolee ! …

**Sirba lammaffaa matadureen isaa ‘ GIDIRAA’ Jedhu.(B)**

Gidiraa malee rafuu diede jarruu,

Namni waan garaa himee fixe hin jiruu,

Yakkitee saaqiin hin jiruu,

Nama rakkatetu rakkoo jiru baraa,

Garaa bal’annaan gowwaa nu se’anii,

Kadhannee dadhabne jaraa,

Haamtuu malee qottoon xaafii muruu,(2)

Dhaqii laalii wanna kutataan irra jiru.

Haamtu malee qottoon xaafii muruu,

Dhaqnee laallaa wanna kutataan itti jiru.

Koodeen sumaa ! Michuun kiyya dhumaa,

Shimala kee komodiin barreessee,

Anumaatu situ hafee jarri nurraa dheessee,

Koodeen shimala gadheen nama gantii,

Shimala koo xiiqii hin dandeessuu,

Gad hin laafiin jiraa an sibiraa hin dheessuu,

Shimala koo komodiin barreessee (2)

Shimala kee komodiin barreessii(2)

Ati didii waamii walkaasii (2)

Gadi galtuun roorroo dandeessii,

Yaa barruu kafanaa, Hin taanee yaa namanaa,

Jarrii walfilee qaataa eenyutti himanna,

Yaa rakkoo barasii hin taanee kaa ammasii,

Dubbiin gamaa kaatee dhufte nuttisii,

Saneen sanumaa ! Uummanni kunoo gungumaa,

Dubiin kalee lootee dhufte dhugumaa,

Barri kuntuu yuusaa,

Sirnuma san nuu farsaa,

Hincinne gadoon biqiltee , akka coqorsaa,

Kaleessa galgalaa Tole abboo,

Waliin kakatanii Tole abboo,

Gadoo maaltu galee tole abboo,

Kan wal hamatanii Tole abboo

Walii gala qabduu Tole abboo

Barrii shantamaa Tole abboo

Hin socho'in bakkaa Tole abboo

Malli sanumaa Tole abboo

Yaa lammachaa koo Lammachhaa koodee (2)

Waljalaa tagarrannu sobee

Nama jiru meeqa agarree ? (2)

Yaa lammacha koo Lammacha koodee(2)

Waljala takallanu nu sobee

Yaa lammacha koo Lamachhaa Burree (2))

Nama jiru meeqa agarree

Yaa lammacha koo lammacha koodee (2)

Waljala takallanu nu sobee.

Yaa lammacha koo lammacha burree (2)

Nama jiru meeqa agarree.

**Sirba 3ffaa Mataduree isaa 'RAADA GAAREE' Jedhu irraa fudhatame.(C)**

Tolee yaa ! Tolaan farad bitee;

Colee tanee malee; osoo akka namaa silaa qaata bannee,

Uumaan Rabbii keenyaa; sirnaafi Gadaa qabnaa,

Seeraafi heeraan bullaa, hamtuun goodee gaalee,

Cubbuu yaannee malee. Cubbuu yaanne malee.

Biyyoo biyya abbaa ofii, yoo jiran qotoo du'an uffatuu

uumaan bulta Waaqatti Maaliif bakka awwaalaa dhabde atii ?(2)

Gegeeraruu laataa ? (2) Jiruu deegaa tanaa;

Jirtuu yaa jaranaa? (2) Maal walii goonaree ;

Kamtu uumee kaan darbee; Rabbi har'aan nugahee

Yaa korommii hin jiillee

Akka garaa hin taanee; Akka baraa hin oollee;

Bulanii hin ilaalanii; Rabbiin hin lolanii (2)

Jetteree yaa Taabooree ?

Erga lafti abbaa ilmatti hin dabarree .

Akkamittan callisaa , tee Tulluu gahuuf deemti egeree2x2

Yaa walalaa walaliituu, tibbaan si yaade hin bariituu.(2)

Yaa raada gaarree maseentuu;

Gaana dhabduu rimaa fuutuu

Yookaan dhaltee sanyii taatuu;

Yookaan qottee ginbii guuttuu;

Yaa Raadatti Raada gaarree !

Yoo qallee foon nyaanne maarree.

Haadha Bajigaa yaa bashaatuu;(2)

dhiirti gadi jechuu barte firaa ganzaba hin taatu.

Maaloo yaa abaayee  awwawwaashii

Maloo yaa abuu koo  awwawwaashii

Beekta kan garaa koo  awwawwaashii

Sitti abdachuun koo   awwawwaashii

Walirratti duunaa  awwawwaashii

galluus walumaanii; awwawwaashii

Jaalallii qixxeedhaa awwawwaashii

Maal adaraanii; awwawwaashii

Jaarsi loon hin eeguu hin mammarachiisaa

An baranaa moojii siin na kakkachiisaa.

Yaa baatee  Yaa baatee  jarreen walitti kaatee.

Yaa baatee Yaa baatee dubbii itti jabatee.

Eegaa beenu hin galaa; beenu hin gallaa (4)

Naan hin galtuu siinan galaa

Mucayyoo galmii shaggarii  (2)

Yaadi galmi shaggarii

Tiyya Dammee tiyyaa ........

Tiyya Dammee tiyya ..........

Yaa walalaa walaliituu tibban si yaade hin bariituu

Yoon asumaa gadi ilaaluu; gaangeen mariif kumaan yaatii.

Yoon si jedhee du’e maalii; bookeen illee nama ajjeestii.

Yoomuu silaa dutii hin ooluu; seennee lollaa diin hin jiiluu.

Yaa walalaa walaliituu;tibbaan si yaade hin bariituu.

Haadha Wasanee yaa Muulaatuu;daksisii sanyii kiyya,

Silaa barana hin baatuu.

Amma yaa marii too awwawwaashii;

Maaloo yaa marii too awwawwaashii;

Kee galli fagaatee, awwawwaashii;

Nattis qorrii hammatee, awwawwaashii;

Koottuu Baalee buunaa,awwawwaashii

Kaamiyoondhaanii, awwawwaashii;

Beenu shaggar baanaa, awwawwaashii;

Kaamiyoondhaanii, awwawwaashii;

Nu addaan hin baanuu, awwawwaashii;

Salphuma dubbiinii, awwawwaashii

Jarrii maal odeessaa, wwawwaashii

Raadiyoonidhaanii awwaawwaashii.

Yaa Caalii Yaa caalii Dubbii tanatti ilaalii .

awwawwaashii .

Yaa suutee Yaa suutee Sanyii qalaba gootee !

Eegaa beenu hin galaa, beenu hin gallaa (2)

Naan hin galtuu siinan galaa,

Mucayyoo galmi shaggarii, Yaadii galmi shaggarii,

Tiyya dammee tiyya.………..

**Sirba 4ffaa Mataduree isaa 'BELBA' Jedhu irraa fudhatame.(D)**

Addaan baanee hin hafnu yaa jigaa koo
Sirraas eenyuutu naa beeka gubaa koo.
Kan darbe amma dhiisii sitti hin kaasuu
natti hin kaasiin;
wanta yeeroon nu gootee san yaaddee
Sammuun hin gaabbiin.
Waan bonni gogsee gannatu jiissaa,
Oleen bula malee yooman si dhiisaa.
Barris dabareedhaan nama geechii,
Yoo Rabbi jedhee.
Barrii hin darba naa eegii, Gadaatu kan milkiitii.
Belban nu fura yoomuu hir'uun baranaa guuttii.
Waliif galla kuullee too, Waldhabni nama miitii,
An nan dhufa na eegii, Irreecha baranaattii;
Waaqeeffanna gallee too;Malkaa Hora Harsadeettii
Waan jiru numatu hiikaa,anaaf sumatu walbeekaa
Jirtuu mammagaallaan koodee tiyyaa?
Yaa jaalala joolluummaa kan biyyaa
An amma si arguun koo waanuma hin oolee
Nan dhabe dacheerraa kan si caalee
Waan na dhukkubuus waanan wallalee
Gad jedhee gaaffeera lafa laalee.
Bakkalchi dhugaa mumulchaaraa
Barri dukkanaa sun darbeeraa

Mee kamtu hamma kee natti dhiyaata.

Arge firri koo suma jibbootaa

Lafti yaa fagaatuu, rakkinni hanga hammaatuu,

Anaaf si argachuurra hoomtuu hin caaluu

Rabbi yoo jedhe kuullee koo galli hin ooluu .

Qophechi  bakkeen buluu.

Eegaa koo galli hin ooluu.

Qophechi bakkeen buluu.

Qalloo koo galli hin ooluu.

Qophechi bakkeen buluu.

Asiif achi hin ilaaluu;

Qophechi bakkeen buluu.

Dhabeera kan si caaluu.

Qophechi bakkeen buluu.

Gargaar baanee hin hafnu yaa jigaa koo

Simalees namuu hin beeku gubaa koo

An amman wannan yaadeen iccitiin sitti odeessee.

Hin anbisuu rakkoo kun tiruu kee biyyaa baasee.

Waan bonni gogsee gannatu jiisaa

Oleen bula malee hoomaan sidhiisaa.

Barris dabareedhan nama geechii

Yoo rabbi jedhee !

Namatti nan himinii loo’een dhufa qarreetti.

Kunuu yoo iyya hindaaqqoo  afoo lafa bariiti.

Bar meeqa wal sakaallee;Wal-lallee akka alagaatti.

Natti hirkadhu qalloo too;Nu gaaddisa waliitii

Bashaqqanna gallee too qe’ee itti guddanneettii

Waan hafees numatu hiikaa Anaaf sumatuu walbeekaa

Jirtuu mammagalleen koodee tiyyaa

Yaa jaalalaa ijoollummaa kan buyyaa

An baksa hin beekuu nan araadaa

Waanan gatee moojii nan barbaada.

Dhituus barituus gaabbiin aada.

Hirrba dhoorkee yaadan na waadda.

Bakkalch dhugaa mummulachaaraa.

Barri dukkanaa sun darbeeraa.

Mee kamtu hamma kee natti dhiyaataa.

Arge firri koo suma ijjibaataa.

Lafti yaa fagatuu; rakkin haga hammaatuu

Anaaf si argachuuf hoomtuu caaluu.

Rabbi yoo jedhe koo galli hin olluu.

Qopheechi bakkeen buluu.

Mariitu hunda hiikaa.

Qeerroo teenya nutu beeka.

Jibbaaf hammeenya diigii.

Hora Harsadeetti na eegii.